

Ifatti Baafamuu  
**Baroota Waldaa Torbanii**

Boqonnaa Torba  
**Bara Waldaa Saardes**

Mul'ata 3:1-6

*"Gara ergamaa waldaa Saardesitti, 'Ergaan kun isa hafuurota Waaqayyoofof hojjetan torba, urjoota torbas qabu biraa dhufe' jedhii caafi!' Ergichi, 'Ani hojii kee beeka, maqaadhumaaf jiraata dha jedhamtee in waamamta, ati garuu du'aa dha.*

*Ka'i, dammaqaas ta'i! Wanta hafee du'uuf jedhus jabeessi! Ani fuula Waaqayyoo koo duratti hojiin kee fiixaan ba'uu isaa hin argine.*

*Ammas wanta sitti dabarfame akka itti fudhattee fi akka itti dhageesse yaadadhuu eegi! Yaada garaa kees geeddaradhu! Yoo dammaqaa ta'uu dhaabaatte garuu, ani akka hattuun dhufutti nan dhufa, yeroo ani sitti dhufus matumaa hin beektu!*

*Haa ta'u iyyuu malee Saardes keessaa namoota muraasa warra uffata isaanii hin xureessine jedhamanii maqaa argatan qabda. Warri kun uffata adii uffatanii anaa wajjin deddeebi'uuf jiru, isaan kanaaf warra malanii dha.*

*Nama mo'utti akkasuma uffata adiitu uffifama; ani maqaa isaa macaafa jireenyaa, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessaa hin balleessu; abbaa koo duratti, ergamoota isaa durattis maqaa isaa waamee kan koo ta'uu isaa nan beeksisa.'*

*'Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u' kan jedhuu dha."*

**Saardes**

Sardis magaalaa guddoo Liidiyaa durii turte. Harka bulchiinsa mootota gonfoo Liidiyaa irraa gara warra Faaresitti, achiis gara Aleeksaandar Guddichaatti darbite. Anxookiyaas Guddichaan sirnichi kufe. Sana booda mootonni Phergamos hanga warri Roomaa aangoo qabatanitti bulchiinsa kana itti fufuudhaan to'atanii turan. Magaalattiin bara bulchiinsa Tiberiyos keessa kirkira lafaa fi dha'icha isheetti dhufeen diigamte. Har'a tuullaa ona duriin kan guuttee, lafa onaa dhas.

Magaalaan kun yeroo tokko magaalaa daldalaaf baay'ee barbaachistuu turte. Piliniin akka jedhetti aartiin suufii halludhaan miidhagsuu asitti kalaqame. Giddugala suufii miidhagsuu fi kaarpeeti hodhuu turte. Naannoon sun meetii fi warqee baay'ee gaarii ta'an kan qabu yoo ta'u, saantimni warqee jalqaba achitti akka hojjetame himama. Magaalattiin gabaa garbaas kan qabdu ture.

Amantiin magaalaa kanaa waaqeffannaa xuraa'aa waaqayyittii *Cybele* jedhamtuu ture. Tuullaan hambaa mana qulqullummaa ishee amma iyyuu ni mul'ata.

Yaadni rimeen Baabiloon kan "haadhaa fi ilmaa" kan Semiramisii fi Ninus jedhamuun beekamu Asiyaa keessatti *Cybele* fi *Deoious* akka taasifame Bara Phergamoon keessatti akkan kaasee ture ni yaadattu. Amaloota jara kana lamaanitti maxxanan yeroo wal bira qabnee ilaallu caalaatti kan namaaf ibsanidha.

Inni waaqa aduu ture; isheen waaqa ji'aa turte.

Inni gooftaa bantii waaqaa ture; isheen mootittii bantii waaqaa turte.

Inni gaarummaa fi dhugaa namatti mul'isa; isheen gara laafummaa fi araara mul'isti.

Inni araarsaa (mediator) dha; isheen araarsituu (mediatrix)dha.

Inni furtuu karra addunyaa ijaan hin mul'anne banuu fi cufu harkaa qaba; isheen furtuu kanuma isaa fakkaatuun gochuma sana raawwatti.

Inni akka abbaa firdii warra du'aniitti amanama; isheen akka cinaa isaa dhaabbattutti amanamti.

Inni du'ee, du'aa ka'ee gara waaqaatti akka ol ba'e; isheen immoo ilma isheetiin fooniin achitti akka ol baafamtetti amanamti.

Amma egaa Roomaa keessatti waaquma kanaaf maqaan Gooftaa keenya jedhu kennameef: inni ilma Waaqayyoo jedhama, isheen immoo haadha Waaqayyoo jedhamti.

Amma wanti duubatti deebinee bara lamaan hafan keessatti arganne kanuma, innis yaad-rimeen 'haadhaa fi ilma' jedhu qooda guddaa akkasii fudhachuu isaa ti. Amma garuu hubadhaa, akkuma Baabiloon

duriitti waaqeffannaan ilmaa kabaja waaqeffannaa haadhaatiif jedhamee hir'ataa deeme, kanaaf, isheen ifaan ifatti iddoo ilmaa fudhachuu jalqabde. Bara kana keessatti waaqeffannaan paagaanii Saardes waaqeffannaa dubartii sanaa akka ta'e argina. Innis *Cybele* qofa malee *Cybele* fi *Deoius* miti. Haati jecha jechaatti bakka Ilmaa kan fudhatte yoo ta'u, ga'umsa Waaqummaatiin kan badhaafamtedha. Namni tokko amantiin bara kanaa eessaa akka dhufe hubachuuf maqaawwan ulfinaa garaa garaa isheef moggaafaman irra darbee amaloota jaalalaa Waldaan Roomaa Maariyaamiif kennite yaadachuu qofti ga'aadha.

Waaqeffannaa Siibeelii (Cybele) kana yeroon ilaalu waan lamatu dhuguma humnaan na dha'e. Tokkoffaan furtuu Jaanus fakkaatu kan aboo Jaanus qabu (banaa bantii waaqaa, kan lafaa fi dhoksa) isheedhaaf kenne uffachuu ishee fi inni lammataa, waaqeffattoonni hamma dhiigni qaama isaanii keessaa dhangala'utti of reebuu isaanii ture, wanti kun isa har'a akka Gooftaatti of dhiphisna jechuudhaan warri Kaatolikii ofirratti raawwatanidha.

Barri kun bara jalqabaa paapaaliin Roomaa dhugaatti cabuun isaa qabatamaan dagaage ta'uun isaa, raajittiin Izaabel isa warri Pirootestaantootaa Maariyaam Ilmicha ulfaa'uuf durba Waaqayyoon duratti faara tolaa ilaalamtedha malee karoora Fayyinaa keessatti qooda kamiyyuu hin qabdu jedhanii mormaniif doktiriinii *Maryolatry* ishee akka cimsituu fi irratti xiyyeeffattuuf sababa akka ta'e nama hin shakkisiisu. Akkuma Luuter doktiriinii qajeelummaa amantiidhaan argamu barsiisuu jabeesse isaanis hojii, *penance*, kadhannaa fi malawwan biroo macaafa qulqulluun wal hin qabannetti qabamaa turan. Akkasumas akkuma Kiristaanonni bilisa ba'an Ilmichaaf ulfina kennan, Kaatolikonni Roomaa ulfina waaqummaa Maariyaamiif qaban hanga jaarraa digdammaffaatti dabalaa deemuudhaan dhuma irratti Phaaphaasiin Piyoo Maariyaamiin ifaan ifatti ulfina nama du'aa ka'eef malutti ol baase ( hayyoota ti'ooloojii Roomaa sadarkaa olaanaa irra turan harka caalaa mormuudhaan). Doktiriiniin sun guutummaatti barsiisa Baabiloon isa ilmi haadha isaa qaamaan baatee gara bantii waaqaatti deema jedhuu ti.

Barri shanaffaan kun baroota biroo wajjin sirriitti kan deemu yoo ta'u, hanga kuufama ibiddaa iddoo ejjittutti fi ijoolleen ishee du'a lammaffaa keessatti du'an keessatti xumuramutti akkasumatti waan itti fufuuf hin dinqifatinaa. Akkasuma inta'a, *Maryolatry'n* waaqeffannaan *Cybele* ti. Karaa biraatiin, *Cybele'n* kun *Astarte* ykn Asheeraa ishee Izaabel luba ishee turtee fi Israa'elota sirna ayyaana gaalamootummaa ishee irratti waamtee gufachiifte akka taate beektuu? Eeyyee, Macaafa Qulqulluu keessatti akkas jedhamti turte.

## Bara

Barri waldaa Saardes ykn shanaffaa bara 1520 hanga 1750tti kan ture yoo ta'u, yeroo baay'ee Bara Haaromsaa jedhama.

## Ergamaa

Ergamaan bara kanaa ergamaa baroota hunda keessaa isa beekamaadha. Innis Maartiin Luuter jedhama. Maartiin Luuter hayyuu cimaa amala gaarii qabu ture. Inni ogeessa seeraa ta'uuf barachaa kan ture yommuu ta'u, dhukkubni yeroo dheeraa namarra turuu fi du'a hiriyyaa isaa dhi'oof sababa ta'e haala jireenya hafuuraa isaa irratti baay'ee akka xiyyeeffatu isa taasise. Bara 1505tti gadaamii Awugustiiniyaa Erfurtitti argamu seene. Achitti falaasama akkasumas Sagalee Waaqayyoo barate.

Jireenya *penance* ulfaataan of dhiphisuu cimaa jiraate garuu gochi alaan mul'atu hundi miira cubbuu isaa ari'uu hin dandeenye. Innis, "Waaqayyoo wajjin nagaa buusuuf hanga du'aattin of dhiphise, garuu dukkana keessan ture malee isa hin arganne" jedhe. *Vicar-general* ajajaa isaa kan ture *Staupitz* fayyinni isaa ritual osoo hin ta'in muuxannoo hojii keessaa ta'uu akka qabu hubannoo akka argatu isa gargaareera. Jajjabina argate kanaan caalaatti Waaqayyoon barbaaddate. Boodas luba ta'e. Garuu hanga ammaatti hin fayyineture.

Inni barataa fedhii gadi fagoo Sagalichaa fi hojiiwwan ti'ooloojii gurguddoo hanga ammaatti jiraniif qabu ta'e. Beekumsa gadi fagoo guddaa fi amala gadi of qabuu guddaa qabaachuu isaatiif akka barsiisaatti akka lallabaattis barbaadamaa ture. Kakuu ofiif gale raawwachuufis gara Roomaa dhaqe. Achittis hojiiwwan fayyina argamsiisu jechuudhaan waldaan namarratti feetu bu'aa hin qabne arge, Sagaleen Waaqayyoo, "Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata" jedhu garaa isaa in dha'e.

Yeroo inni gara manaatti deebi'aa jirutti dhugaan wangeelaa Caaffata Qulqullaa'oo kanaa sammuu isaa keessa dhangala'e, cubbuu irraas bilisa ba'ee mootummaa Waaqayyootti in dhalate. Kana booda utuu baay'ee hin turin gara Doktoorummaa Diviniitiitti ol guddatee, "jireenya isaa guutuu Caaffata Qulqullaa'oo qo'achuu, amanamummaadhaan ibsuu fi Isaaf falmuuf akka kennuuf" ergama fudhate. Kana gochuu isaatiin, bu'aa guddaa kanaanis garaan isaa fi garaan namoota naannoo isaa jiranii gadi fageenyaan dhugaa Sagalichaa irratti kan maxxane ture. Sagalichi utuu hin turin miidhaa creeds fi doktriiniwwan waldaa geessisanii wajjin ifatti walitti bu'uu jalqabe.

Kanaafis yeroo Li'oo X phaaphaasii ta'etti, Joon Tetzal dhiifamuu cubbuutiif *indulgences* gurguruu yeroo dhufetti, Luuter barsiisa momituu Caaffata Qulqullaa'oo kana mormuu malee filannoo biraa hin qabu

ture. Jalqaba, ittiin momuudhaan waltajjii irraa isaanitti qawweessa'ee ergasii barruu qorannoo isaa beekamaa 95 barreessee Onkoloolessa 31, 1517 balbala Waldaa *Castle* irratti mismaaraan dha'e.

Yeroo gabaabaa keessatti Jarmaniitti ibiddi qabatee haaromsii itti fufe. Amma Waldaa Kaatolikii Roomaa kan morme Maartiin Luuter duwwaa akka hin taane yaadachuu qabdu. Inni namoota hedduu keessaa tokko ture. Kaan aangoo mootummaa fi hafuuraa phaaphaasotaan dhi'aateef kan didan yoo ta'u, haaromsii xiqqoon yeroodhaaf godhame mul'ateera. Eeyyee, namoonni biroo hedduun dhimma kana kaasaan turaniiru, haala Luuter irratti garuu, yeroon sochii murtaa'aa Waaqayyoo kan jalqabbii waldaa iddootti deebisanii dhaabuudhaan dhangala'uu Hafuura Qulqulluu guyyoota baay'een booda ta'uuf jiruu ta'uuf bilchaateeti.

Amma Maartiin Luuter, mataan isaa, Kiristaana hafuuraan guutame nama oo'a qabeessas ture. Inni dhuguma nama Sagalichaati, sababiin isaas qo'achuu qofa osoo hin ta'in namni hunduu akka ittiin jiraatuuf nama hundaa akka qaqqabu gochuuf fedhii guddaa qaba ture. Inni Kakuu Haaraa hiikuudhaan sabaaf kenne. Hojii dadhabsiisaa kanas ofumaan hojjete, keeyyata tokkicha hanga si'a digdamaatti irra deebi'ee sirreesseera. Garee hayyootaa Ibirootaa keessaa kanneen Yihudoota ta'an ofitti naannessuudhanis Kakuu Moofaa hiike.

Hojiin siidaa seena qabeessaa Luuter kun amma illee hojii hojiiwwan Caaffata Qulqullaa'oo walduraa duubaan Jarman keessatti hojjetaman hundi irratti ijaaramanii ti.

Inni lallabaa fi barsiisaa Sagalichaa cimaa ture, keessumaa waggoota jalqabaa ummata duratti fudhatamummaa argate keessatti, ulaagaan tokkichi Sagalicha qofa akka ta'e itti cichee barsiisaa ture. Kanaafis barsiisa hojiiwwan akka mala fayyinaatti, cuuphaas akka mala lammaffaa dhalachuutti barsiifamu mormaa ture. Innis yaad-rimeen gidduu seenummaa kan Kiristoo qofaa akka ta'e akkuma Pheenxeqoosxee jalqabaatti barsiise. Inni nama kennaa kadhannaa dheeraa kadhachuu qabu si'a ta'u, hojiin isaa caalaatti sana ta'uu akka qabus bareera, firii bu'aa quubsaa argachuuf yeroo isaa gara caalu Waaqayyoon kadhachuudhaan dabarsa ture. Lolli Seexanaa maal akka ta'e waan beekuuf seexanni gaaf tokko mul'inatti itti baanaan, qodaa kuusaa halluu itti darbatee dha'uudhaan ifatee ari'e jedhama. Yeroo biraa immoo, isaanii wajjin ta'ee luboota hundumaa fi Macaafa Qulqulluu ari'uuf isa kakaasuuf namoonni finxaaleyyiin lama gara isaa dhufan. Innis hafuura isaan keessa jiru adda baasee isaan keessaa ari'e.

Waa'ee Dr. Maartiin Luuter ilaalchisee Kitaaba Seenaa *Sauer* jildii 3ffaa, fuula 406 irratti akka galmaa'etti inni, "raajii, hojjetaa wangeelaa, nama afaan haaraa dubbatu, nama afaan haaraa hiiku, nama tokko ta'ee nama kennawwan hafuura saglan hundumaan badhaafame" ture.

Wanti karaa Hafuura qulqulluu garaa isaa raase, biqiltuu magariisa xiqqoo ishee dhugaan akka guyyaa Pheenxeqosxeetti gara waldaa kiristaanaatti deebi'aa jiraachuutti fakkeeffamtuu ti, isheenis doktiriinii qajeelummaa ti: fayyinni ayyaanaan argama malee hojiiidhaan miti. Dr. Luuter qajeelummaa qofa akka hin amanee, fi isa qofa akka hin lallabne nan hubadha, garuu sun xiyyeeffannaa isaa isa guddaa kan turee fi dhugumas ta'uu kan qabu ture sababiin isaas sun doktiriinii dhugaa Sagalichaa isa bu'uuraa waan ta'eef. Inni meeshaa harka Waaqayyoo isa dhugaa kana deebisee jiraachise jedhamee bara baraan yaadatama. Inni ergamaa bara shanaffaa yoo ta'u ergaan isaas, "NAMNI QAJEELAN AMANTIIDHAAN IN JIRAATA" kan jedhu ture. Amantii irraa gara amantiitti akka deemu kan hubatee fi barsiise isa akka ta'e dhugumaan amanuu qabna. Hubannoo dinqisiisaan inni waa'ee birmadammaa, fo'amu, duraan dursee murtaa'uu fi dhugaawwan biroo irratti qabu Sagalicha keessatti nama guddaa ta'uu isaa agarsiisa, ta'us akkuma barreessitoonni seenaa jedhan anis irra deebi'ee nan jedha: Waaqayyoo isatti fayyadamee istaandaardii Isaa isa hojiiidhaan mormu gara namootaatti fide—"Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata."

Amma akkuma duraan ibsee ture barri kun barreessitoota seenaa biratti Bara Haaromsaa jedhamee waamama. Sun dhugumas sirrii dha. Inni Bara Haaromsaa ture. Maartiin Luuter raajii osoo hin ta'in haaromsaa waan tureef haaromsaa jedhamuu qaba ture. Amma akka kitaabni seenaa inni raajii ture jedhu nan beeka, garuu kitaabni seenaa sirrii dha jechuu miti, sababiin isaas Maartiin Luuter akka hiika guddaa Caaffata Qulqullaa'oo jecha raajii jedhuutti raajii Waaqayyoo isa dhugaa ta'uuf ulaagaa guutuu isaa galmeen ibsu hin jiru. Inni barsiisaa gaarii kennaa mul'annowwan hojii Hafuura tokko tokkos qabu ture, kanaafis Waaqayyoon in galateeffanna. Kanaafis akka nama akka ergamaa Phaawuloos ergamaa fi raajii ta'e tokkootti waldaa gara dhugaa guutuutti deebisuu hin dandeenye.

Amma akkuma yeroon deemaa deemuun akkaataa ittiin haalota keessa ture furaa deemu irratti jijjiirama guddaa argisiise arganna. Jalqaba irratti baay'ee gara laafessa, homaa sodaa kan hin qabne, baay'ee obsaa fi Waaqayyoo rakkoowwan sana akka furuuf nuffii tokko malee Isa eegaa ture. Sana booda garuu namoonni sonaan baay'een gara *banner* isaa dhufuu jalqaban. Kaayyoon isaanii dhugaatti kan hafuura hin turre. Sanaa mannaa kaka'umsa siyaasaa qabu turan. Harqoota phaaphaasii cabsuu barbaadu turan. Maallaqa gara Roomaatti erguun isaan jibbisiisee ture. Finxaaleyyiin ni ka'an. Inni utuu hin turin hojii waldaa kan ta'e kadhannaa, lallabaa fi seera ittiin bulmaataa kaa'uu dhiisee dhimmootaa fi murtoowwan siyaasaa qabatamaatti naannoo waldaa irraa fagoo ta'anitti harkifame. Rakkoon siyaasaa furamuu hin dandeenye kun dabalaa deemuudhaan hanga jaarsa goffolii fi qonnaan bultoota waliitti

araarsuu ta'ee muudamuutti isa dirqisiise. Murtoon isaa baay'ee dogoggora waan tureef fincilli ka'ee namoonni kumaatamaan lakkaa'aman ajjeefaman. Inni gaarii gochuu barbaade, garuu takkaa erga Wangeela Waldaa—Mootummaa keessatti deebi'ee damee mukichaatoon wal xaxee booda dha'icha bubbee hamaa sana haammachuu qaba ture.

Kana hundumaa keessatti garuu Waaqayyo Maartiin Luuteritti fayyadameera. Akeekni isaa dogoggora ture hin jedhamin. Murtiin isaa qofatu fashalaa'e haa jedhamu. Dhugumatti Luteraanonni gara barsiisa isaatti deebi'anii akkuma obboleessa ayyaana qabeessi kun Waaqayyoon tajaajiletti Isa tajaajiluu yoo danda'an, namoonni sun Waaqayyoo fi Fayyisaa guddaa Yesus Kiristoos duratti dhuguma nama galataa fi nama ulfinaa ta'uuf jiru.

## Nagaa

Mul'ata 3:1,

*"Ergaan kun isa hafuurota Waaqayyoof hojjetan torba, urjoota torbas qabu biraa dhufe"*  
*jedhii caafi!*

Ammas akkuma baroota afran darbanii Hafuurichi amaloota dinqisiisoo Isa ibsan kaa'uudhaan Gooftaa keenya isa ayyaana qabeessa nuuf mul'isaa jira. Yeroo kana akkuma waldaa gidduu dhaabatee jirutti akka Nama Hafuurota Waaqayyoof hojjetan torbaa fi urjoota torbas qabuutti Isa ilaalla. Urjiileen torban eenyu akka ta'an ni beekna, garuu Hafuuronni torban maal akka agarsiisan baruu qabna.

Gaaleen walfakkaataan kun Macaafa Mul'ata keessatti si'a afur argama.

Mul'ata 1:4,

*"Hafuurota torban teessoo isaa dura jiran biraa dhufe."*

Mul'ata 3:1,

*"Ergaan kun isa hafuurota Waaqayyoof hojjetan torba biraa dhufe."*

Mul'ata 4:5,

*"Teessicha biraa immoo balaqqeessi bakakkaa, sagaleen qaqqawwee, sagaleen biraas in ba'u turan; tessicha fuula duratti guci ibiddaa torba in boba'u turan; isaan kun hafuurota Waaqayyoof hojjetan torbanii dha."*

Mul'ata 5:6,

*"Teessicha duras uumama lubbuu qaban arfanii fi maanguddoota gidduu hoolaa waan qalame fakkaatee dhaabatu tokko nan arge. Hoolichi gaanfa torbaa fi ija torba qaba ture; isaan torban kun hafuurota Waaqayyoof hojjechuudhaaf guutummaa biyya lafaatti ergamanii dha."*

Ittiin jalqabuuf, lakkoofsonni kunniin barumsa haaraa, akkasumas dubbii Yohaannis 4:24 keessatti, "Waaqayyo Hafuura (tokko)" jedhee barsiisuu wajjin kan wal faallesuu akka hin taane sirriitti beekuu qabna. Kun garuu akka IQorontoos 12:8-11tti Hafuurri TOKKO karaa SAGAALIIN of mul'isuu isaa arganna. Kanaafuu Hafuuronni Waaqayyoof hojjetan torban Hafuuruma tokkicha karaa dachaa torbaan ba'u jechuu akka ta'e ni hubanna. Amma Mul'ata 4:5 irratti Hafuuronni torban kunniin '*guca ibiddaa*' Gooftaa duraa '*boba'u*' jedhamanii jiru. Yohaannis yeroo hundumaa Mul'ata keessatti mallattoo Kakuu Moofaa malee homaa waan biraa waan hin fayyadamneef gara Kakuu Moofaatti yoo deebine Fakkeenya 20:27 keessatti '*Ibsaan Gooftaa hafuura namaa keessatti in ifa*' kan jedhu arganna. Hafuuronni torban kun nama wajjin walitti dhufeenya qabaachuudhaan argamu. Yohaannis cuuphaan Yohaannis 5:35 irratti akka '*ibsa boba'eetti kan ibsu ture*' jedhameera. Ammas Mul'ata 5:6 keessatti hafuuronni torban kunneen ijoota torba ta'anii adda baafamaniiru.

Zakaariyaas 4:10,

*"Warri gaafa wanta xinnoo argan tuffatan, dhagaa fo'amaa harka Zarubaabel keessatti yommuu argan immoo in gammadu; isaan torban kun ija Waaqayyoo warra biyya lafaa hundumaa irra asii fi achi ilaalanii dha."*

Jechi, 'isaan' jedhu namoota agarsiisuun isaa baay'ee ifaadha. Kanaafuu iji Gooftaa haala kana keessatti namoota akka ta'e ni argina—dhugaadha isaan namoota dibamoo, warra Hafuura Qulqulluudhaan guutaman ta'u, tajaajilli Waaqayyoo humna namootaa osoo hin taane humna Hafuura Qulqulluu keessa waan jiruuf. Argannoowwan keenya Caaffata Qulqullaa'oo walitti qabnee yoo ilaallu Hafuuronni Waaqayyoof hojjetan torban jireenya namoota torbaa warra Waaqayyo baay'ee itti dhi'eenyaan Ofii Isaa adda baasuu keessatti tajaajila itti fufiinsa qabu Hafuura Qulqulluu tokkoon raawwatu ta'uun isaanii ifaadha. Isaan ija Isaa, ibsaa Isaati. Namoonni torban kun eenyu akka ta'an

salphaatti hubachuun ni danda'ama sababni isaas gaaleen itti aanu urjiwwan torban kanneen duraanuu ergamtoota torban baroota torbanitti akka ta'an barreerra waan ta'eef. Sun akkam bareedaadha. Argitanii, urjiin halkan ifa calaqqisiisuuf yaadamee uumame, sababiin isaas halkan aduun waan dhiituuf. Ergamaan (akka urjiitti kan fakkeeffame) bara tokkoon tokkoon isaas akkasuma ifa Ilmaa calaqqisiisuu qaba ture. Hundi isaanii kana kan godhanis Hafuura Qulqulluudhaan ture.

Phaawulos ergamaa jalqabaa yoo ta'u, Galaatiyaa 1:8 keessatti, ergamaan Waaqayyoos ta'e ergamaan namaa kamillee, *viikaariin* kam illee, eenyullee yoo ta'e, wangeela Phaawulos lallabe irraa kan hafe wangeela biraa yoo lallabe abaaramaa haa ta'u jedhe. Phaawuloos ofii erga deemee booda yeyyiwwan butatoon akka ol seenan ni beeka ture. Seexanni, ofii isaatii, akka ergamaa ifaatti mul'achuu akka danda'uu fi tajaajiltoonni isaas hammam baay'achuuf akka jiran ni beeka ture. Kanaaf Wangeelli kun yeroo hundumaa gosa tokko ta'uu akka qabu akeekkachiisaa ture. Amma Phaawuloos ofii Maqaa Yesusiin cuuphamee iddoo namoonni akkasitti hin cuuphamnettis irra deebisee cuuphaaa ture. Waldaa sirnaan bu'uuressee, kennaa hafuuraa sirnaan akka itti fayyadamanis barsiisee hanga Yesuus dhufutti waldaa keessa turuu akka qaban cimsee isaan akeekkachiise. Akkasitti ergamoonni itti aanan, ja'an hafan hundinuu, Hafuura Qulqulluu tokkoon, ibidda wal fakkaatuun bob'anii ifa Wangeela Yesuus Kiristoos kan wal fakkaatu ibsaa, milikkinnis isaan dukaa bu'a ture. Iraaniyes ulaagaa guutuu danda'eeraa? Eeyyee. Maartiin ulagaa sana guuteeraa? Eeyyee. Kolumbaan guuteeraa? Eeyyee. Maartiin Luuter guuteeraa? Gara caalaa guuteeraa. Wesisliin guuteeraa? Eeyyee gooftaa, inni kennaa tajaajilaa guddaa qaba ture, fardi isaa akka fayyuuf iyyuu kadhatee ture, innis in fayyeef. Haalichi akkasi. Bara waldaa torbaa fi ergamoota torba kan wal fakkaatantu turan, Phaawuloos eenyullee ani ergamaa dha ofiin jedhe garuu wangeela adda ta'ee fi ifa adda ta'e qabatee dhufu irratti abaarsa labseera.

Amma himni koo inni xumuraa sun guutummaa Sagalichaa ni deeggaraa? Eeyyee. Eenyullee macaafa kanatti yoo waa dabale ykn yoo waa irraa hir'ise Waaqayyo fidii dha'ichaa akka itti faraduuf jiru dubbata.

Waaqayyo akkas jedheera,

*"Namni dubbii kanatti yoo waa dabale, Waaqayyo adaba isaa irratti dha'icha waa'een isaanii macaafa kana keessatti caafaman isatti dabaluufti jira."*

Mul'ata 22:18.

Kanaaf Hafuuronni Torban dhugumatti kan agarsiisu Hafuurri Waaqayyoo Tokkichi fedhii fi Sagalee Waaqayyoo dhaloota adda addaa keessatti hojjechuu isaa ti. Sanas Sagalee Waaqayyoo irraa fakkeenyaan ibsuun barbaada. Hafuurri Waaqayyoo humna guddaadhaan Eliyaas irra ture. Sana booda Hafuurichumti dachaa lamaan Elsa'a irra bu'e. Ergasii jaarraa hedduun booda Hafuurri Tajaajila Isaa ibsuuf jecha Hafuura Eliyaas jennee waamnu kun, Yohaannis cuuphaa irratti deebi'ee bu'e. Gaaf tokko Hafuurri akkaataa tajaajila Eliyaasiin wal fakkaatuun adda baafame sun dhuma bara waldaa warra Yihudoota hin ta'iniitti nama tokko irra ni bu'e.

Ammas: Caaffanni Qulqullaa'aan akka jedhutti Waaqayyo Yesuus nama Naazireet kana Hafuura Qulqulluudhaan dibee humnaan akka guutee fi Innis naanna'ee hojii gaarii akka hojjete, warra seexanaan cunqurfaman hundumaas akka fayyise dubbata. Yesuus yeroo deemuuf ka'etti duuka buutonni Isaa hanga guyyaa Pheenxeqoosxee, guyyaa Hafuurri innumti Isarra ture deebi'ee isaan irra bu'ee isaan guutuutti achuma turuu akka qaban isaniitti hime. Sana booda qaamni '*waamame*' (waldaan) sun lafa irratti bakka Isaa akka bu'u, bakka bu'aa Isaa akka ta'uuf jirudha. Hafuurri Isa keessa ture sun isaan keessa waan ta'uufis hojiiwwan wal fakkaatu ni hojjetu turan. Akkasumas sabni kamiyyuu, namni dhuguma Qaama Yesuus Kiristoos (waldaa dhugaa) ta'e Hafuuruma Yesuus keessa ture of keessaa waan qabuuf hojiiwwan Innii fi waldaan Pheenxeqoosxee hojjetan hundumaa ni mul'isa. Waldaan biraa isheen Hafuurichaa fi mul'ina hojii hafuuraa hin qabne kamiyyuu Waaqayyoon duratti itti gaafatamuuf jirti.

Akkasumas asitti urjiileen torban kun, ykn ergamoonni torba gara baroota torbaatti ergaman kun harka Isaa keessa akka jiran dubbata. Inni hakaan isaan qabee jira. Harka Isaatiin qabamanii jiru taanaan humna Isaa wajjin hidhata qabaachuun isaanii battalumatti isiniif gala. Harki kan agarsiisus kanuma. Harki humna Waaqayyoo argisiisa! Aangoo Waaqayyoos ni argisiisa. Isaan keessaa namni tokkollee humnaa fi aangoo mataa isaatiin hin dhufne. Sanas Phaawulostu jedhe. Sana gochuuf namni tokko illee ija hin jabaanne. Aangoo Waaqayyoo fi humna Hafuura Qulqulluu gaata. Wangeelli humna Hafuuraatiin aangoo Waaqayyoo keessatti lallabama. Namoonni kun hundinuu Hafuura Qulqulluudhaan humna argatan. Hundi isaaniis biyya lafaa dura dhaabbatan. Isaan kana gochuu danda'u turan. Isaan Waaqayyoon guutuu turan. Isaan kan ERGAMAN ykn aangoo kan isaaniif kenname Waaqayyoon malee ofii isaaniitiin ykn namoota birootiin MITI.

Amma waan biyyi lafaa qabaachuu hin dandeenye qabu turan. Yesuus yeroo deemutti Hafuura Isaa Isa biyyi lafaa argachuu hin dandeenye akka isaaniif ergu dubbate. Sirriidha. Biyyi lafaa, ykn sirnoonni biyya lafaa Isa fudhachuu hin dandeenye. Jaarmiyaa sanadha—sirna biyya lafaa ti. Waldaa sirna biyya lafaa kan Hafuura Qulqulluun guutamte natti agarsiisaa. Arguun barbaada. Waldaa akkasii natti agarsiisuu kan dandeessan yoo dogoggora Sagalicha keessatti arguu dandeessanidha. Lakki obboo. Ergamtoota

kana keessaa tokkollee hin gurmoofne. Isaan cubbuu jaarmiyaatti waan faradaniif ykn ni dhiphifamu ykn ni ari'amu turan. Utuu jaarmiyaan iddoo Hafuurichaa fudhatuu fi waldoonni iddoo Sagalichaa fudhatanii attamitti Hafuurri Qulqulluu jaarmiyaa keessa jiraachuu danda'a? "Jaarmiyaan" "DU'A" akka ta'e yaadadhaa. Kana malee waan biraa ta'uu hin danda'u. Yoo biyyi lafaa to'ette, Hafuurich achii ni deema.

Eeyyee, Hafuurichi Hafuurota torba miti, TOKKO malee. Innis yeroo hundumaa wal fakkataadha, hojii wal fakkaataa hojjetas. Ergamoonni torbanis Hafuura wal fakkaatu qabataatu, Sagalee wal fakkaatu barsiisu humna wal fakkaatu qabaatus. Waldaanis waldaa dhugaa yoo taate Hafuura, Sagalee fi hojii humnaa warri yeroo Pheenxeqoosxee qaban sana ni qabaatti. Muuxannoo hojii waldaa Pheenxeqoosxee ni qabaatti; afaan haaraa dubbachuu, afaan haaraa hiikuu, raajii dubbachuu, dhukkubsataa fayyisuunis ishee keessa ni jiraata. Waaqayyo gidduu ishee in jiraara, waaqayyo akkuma yeroo hundumaa ishee gidduutti Ofii Isaa in labsa. Haleeluyyaa! Isheen immoo kan hin jaarmiyoomne taati. Sana hin dagatinaa.

Amma Yesuus Kiristoos baroota hundumaa keessatti Hafuura Isaa ergamoota keessa jiruun Of mul'isaa akka jiru hubachuu dandeenya. Isaan akkuma Museen ijoollee Israa'elliif ture turan. Akkuma inni guyyaa isaatiif mul'ata qaba ture, tokkoon tokkoon ergamaa mul'ata Waaqayyoo fi tajaajila guyyaa sanaaf ergame of harkaa qaba ture.

Kanaafuu ergamoonni harka Isaa keessa akka jiran yommuu arginu Gooftaan namoota kanaa wajjin adda of baasee humna Isaa isaaniif kennuu isaa argina. Waldaa guutuu wajjin hariiroo qabaachuun isaa qofti ga'aa hin miti, kanas yeroo Inni baattuu ibsaa warqee torban gidduu dhaabatee mul'atu ilaalleerra. Akkasumas tajaajiloota dachaa shanan kan Efesoon 4 keessaa (ergamoota, raajota, barsiisota, lallabdoota wangeelaa, paastaroota) arguun keenya qofti illee ga'aa miti. Sababni isaas tokkoon tokkoon baraa keessatti waldaan karaa irraa ni kaatti, amantoota *laity* ta'an qofa osoo hin taane gareen abbootii amantaa (clergy) utuuhin hafin karaarraa kaatu—tiksoonnis hoolonnis lachuu ni dogoggoru. Sana booda Waaqayyo tajaajila namoota torban kanaa keessatti akka Tiksee Olaanaatti Of mul'isee saba Isaa gara dhugaa fi humna guddaa dhugichaatti deebisee geggeessa.

Waaqayyo saba isaa keessa jira—saba Isaa hundumaa keessa jira, sababiin isaas namni tokko yoo Hafuura Kiristoos of keessaa hin qabu ta'e, inni kan Isaa miti. Innis Sagaleedha. Sunis Sagalee saba keessatti beekamtii argate ta'a. Inni garuu namoota Ofii Isaatii filate kanneen keessa geeggeessummaa addaa karaa mariif murtoo fedha Isaa kaa'eera. Isaan tokkoon tokkoon baraatti al tokko mul'atu. Hafuurri isaan keessa jiru wal fakkaata. Kun *heresy* Roomaan ittiin nama yakkitu irraa attam fagoodha. Isaan nama ofii isaaniitiin filatan qabu—wal duraa duubaan—isaa keessaa tokkollee humna Waaqayyoo kan hin oomishine—tokkollee Sagalee Waaqayyoo keessa kan hin jiraanne-tokkoon tokkoon isaanii nama isaan dura turee irraa adda of gochuudhaan akka waan Waaqayyoon ta'aniitti waan barbaadan itti dabaluu. Waaqayyo isa keessa hin jiru. Inni garuu ergamaa Isaa keessa jira, namni guutummaa waaqayyoo qabu utuu jiraatee silaa akkuma ergamichi karaa Sagalichaa Gooftaa duukaa bu'e innis ergamicha duukaa in bu'a ture.

*"Isa hafuurota Waaqayyoof hojjetan torba, urjoota torbas qabu."*

Mul'ata 3:1.

Akkuma Gooftaan innumti kun foon uffachuudhaan nama wajjin of adda baase, ammas Hafuura Isaa isa nama keessa jiruun nama wajjin of adda baasee jira. "Isaan kun kan kooti" jedha Gooftaan. Ergamoonni Hafuuraan guutaman torban kan Gooftaati. Isaanis fudhatama dhabuu danda'u. Isaan gaaffii keessa galuu danda'u. Dhugumayyuu, akka sammuu dhala namaatti nama ulaagaa hin guunne fakkaatu ta'a—sanas ta'e kanas ta'e garuu, isaan ergamoota bara isaaniitiif ergamanidha. Waaqayyo Abrahaamitti fayyadame (innis in sobe), Museetti fayyadame (innis in fincile), Yoonaastti fayyadame (innis ajajamuu dide), Siimsonitti fayyadame (innis cubbuu hojjetee), Daawititti fayyadame (innis nama ajjeese). Kanamalees Iyaasuutti, Yosefittis in fayyadame. Namoonni mudaa baay'ee qabu ittiin jedhaman immoo namoota seenaan warra mudaa hin qabne fakkeessu fagoo caalu. HUNDUU KAN ISAA TURAN, KAN ISAATIS. Namni kana haaluuf ija jabaatu hin jiru. Inni karaa Hafuura Qulqulluu isaan keessa kaa'een isaanitti fayyadame. Gooftaa isaaniitiif dhaabbataniiru ykn ni kufaniiru. Isaan hundumaa keessattis fedhiin birmadummaa Waaqayyoo raawwatameera. Seenaa alaa kana mormuuf haa yaalu mee, inni garuu yommuu dhaabatee hafa. Waaqayyo inni kan bara baraa ammallee baattuu ibsaa warqee gidduu deddeebi'ee ergamoota Isaa Hafuura Isaatiin Sagalee Isaa namoota bara hundumaaf in erga.

### **Balaaleffannaa**

Mul'ata 3:1b,

*"Ani hojii kee beeka, maqaadhumaaf jiraatadha jedhamtee in waamamta, ati garuu du'aa dha."*

Mul'ata 3:2b,

*"Ani fuula Waaqayyoo duratti hojiin kee fiixaan ba'uu isaa hin argine."*

Amma asitti, dhugumayyuu, waan baay'ee ajaa'ibaati. Bara hundumaa hanga bara kanaatti turan keessatti Hafuurichi hunda dura amantoota dhugaa galateeffatee, itti aansuun muka wayinii sobaa balaaleffataa ture. Garuu yeroo kana keessatti Gooftaa, Sagalee Isaas gar malee tuffachuun akka jiru ifaadha, kunis ergaan bara shanaffaa kanaa guutuun balaaleffannaadhaan akka marfamu godheera.

*"Ani hojii kee beeka."*

Hojiwwan Gooftaa duratti ol ba'anii akka Inni jibbu godhan kunneen maal fa'a turan? Tole, tokkoon tokkoon baraa bara itti aanuu wajjin akka walirra bu'u ni beektu, kanaafuu itti fufiinsa hojiwwan bara afraffaa gara bara shanaffaatti darbanii qabna. Hojiwwan kunneen akkuma isin sirriitti beektan:

Hoggansi Hafuura Qulqulluu *hierarchy* namaatiin bakka bu'e.

Dubbiin Waaqayyoo inni qulqulluu fi faayidaan namoonni hundinuu bilisaan irraa argatan *creeds, dogmas, seerota* waldaa fi kkf jedhamee aangoo irraa buufame.

Waaqeffannaan Hafuura, Kennaawwan Hafuura fi wanti feeloshiippii hawaasa dhugaa qulqullootaa ilaallatu hundinuu *liturgy*, ifatti waaqa tolfamaa waaqessuu, ayyaanota paagaanii fi kkf'f jedhamanii moggaatti dhiibaman.

*Maryolatry'n* waaqeffannaa kiristaanaa keessatti iddoo guddaa fudhachaa dhufuudhaan, hanga isheen qabatamaan iddoo Waaqummaa fudhachuutti, Ilmichi sadrkaa ol aanaa hundumaa ol ta'e irraa gadi buufamee hanga nama phaaphaasii jedhamu, kan *vicar of Christ* jedhee of waamuuf bitamuutti gadi buufame.

Warri waldaa suukanneessituu mormituu Kiristoos kana lolan ni balleefaman. Warri ishee wajjin hafan immoo qonnaan bultoonni ta'e mootonni garba waldattii ta'anii of argan. Jireenyi isaanii kan isaanii hin turre, jireenyi isaanii kan Kiristoosis hin turre, foon, lubbuu fi hafuurri isaanii qabeenya Waldaa Roomaa ture. Waa'ee dhiiga Kiristoos ni dubbatu turan, ta'us garuu fayyina isaanii horiidhaan bitatu, dhiifamuu cubbuus yookaan *penance* yookaan warqeedhaan bitatu turan. Phaaphaasiin isaan hundarra sooressa ta'e Liyoo X cubbuu gara fuul duraatti hojjechuuf jiranii fi yakka suukaneessaa raawwachuuf karoofatanii jiraniif dhiifamuu cubbuu Phaaphaasichi duraan dursee godhuuf *indulgences* akka bitataniif yeroo isaaniif hayyamutti gammachuu guddaatu itti dhaga'ame. Dubbiin Waaqayyoo isaan irraa ittifamee ture, kanaafuu eenyutu dhugaa baruu danda'aree! Dhugaan Sagalicha qofarraa dhufa waan ta'eef sabni mana hidhaa Waldaa Roomaa keessatti danqaramanii du'a eegaa turan, du'a boodas firdii eegaa turan. Garuu ejjituu guddittiin dhiiga wareegamtootaatiin machoofta, isheen waa'ee firdichaa homaa quba hin qabne, du'a hafuura fi fooniitiin namoota ajjeesuuf gara jabinaan in kaate.

Amma gara dhuma bara afraffaatti kan jalqaba bara shanaffaa ta'etti, weerarri Turkootaan Konstaantinoopil irratti raawwatame hayyoonni warra Bahaa barreeffamoota harkaa Giriikii fudhatanii gara Dhihaatti akka baqatan godhe. Qulqullinni Sagalichaa fi barsiisa amantoota dhugaa akkasitti babal'ate. Akkasumas barsiisonni gaariin kun barbaachisummaa guddaa horachuu isaanii qofa utuu hin ta'in, wanti bu'uura maashiniwwan maxxansaa ammayyaa'oo keenyaaf bu'uura ta'e kalqamuu isaa ti, kunis kitaabota akka omiishaniif haala mijeesse. Akkasitti dheebuu fi gaaffii guddaan Macaafa Qulqulluu deebii argachuu akka danda'e arganna.

Waaqayyoo namoota jajjaboo hedduu kaase, isaan keessaas Luuter nama tokko ture. Kaalviin fi Zwingliin ibsaa biroo lama kan turan yoo ta'u isaan kanaan alatti namoonni biroo hedduun turaniiru, namoonni hedduun kanneen baay'ee hin beekamne turaniiru. Haa ta'u malee, kun hundi akkasumaan kan itti dadhabame ta'uu baatus, hojiin Waaqayyoo inni guddaan dhugumatti namootuma kanaan gufateera. Sababiin isaas, isaan gaa'ela Waldaa fi Mootummaa Mana Maree Niqiyaatti raawwatame HIN mormine, qabatamaatti guddina gamtichaa fuulduratti tarkaanfachiisan malee.

Ittisi Wangeelaa mootummaadhaan godhame Sagalee isaaf ta'u qabaachuu baatus simannaa guddaa argateera. Akkasumas, tarkaanfiwwan akka Heenerii Saddeettaffaan haaromsaaf fudhatee fi aangoo phaaphaasii diduudhaan "dheekkamsa namaa Waaqayyoon galateeffatu" jedhuu haa arginu iyyuu malee, dhugaa Pheenxeqoostee fi eegumsa Waaqayyoo hundumaa danda'u irraa baay'ee fagoo ture.

Luuter dhimma qaamni alaa waldaa naannoo keessa seenuu mormuudhaan yeroo hundumaa barsiisus yaadrimee mootummaa kan ta'e yaada "*Bishop, Archbishop*" jedhuu sammuu namootaa keessaa haquu hin dandeenye. Kanaafuu waldaan tarkaanfii tokko kallattii sirrii ta'een fudhattee ammas hidhamtee waan turteef, utuu achi hin siqin ammas mana hidhaa keessaa miliquuf yaalte sanatti deebitee hidhamte.

40Ammallee xooffoon hojii jibbisiisoo sanaa amma iyyuu hin guutne. Luuter murtii gadheedhaan lolaaf kakaasuu qofa osoo hin taane, kanaanis du'a namoota hedduuf sababa ta'e; garuu gareen Zwingli Dr. Hubmeyer isa Waaqayyoon sodaatu hanga mana hidhaatti ari'atee, jiraatti ibiddaan akka gubamu gochuu baatus, dhugumaan dhuma irratti ibiddaan du'uu isaatiif itti gaafatamummaa guddaa qaba ture. Kaalviinis waan kanaa gadii hin goone, sababiin isaas Serveetoos kan tokkummaa Waaqummaa hubatee barsiise akka qabamuuf himata dhi'eesse. Sana booda Mootummaan obboleessa kanatti kan murteesse si'a ta'u,

gara jabina Kaalviiniin jiraatti akka gubamu ta'e.

Yeroon hinaaffaa dinoomineeshiinii yoo jiraate yeroo gaddisiisaa kana ture. Dubbiin Koomeeniyoos dubbate bara kana sirriitti ibsa. Koomeeniyoos mata duree "WANTA BARBAACHISAA TOKKO" jedhu irratti barreesse. Biyya lafaa kana *labyrinth* wajjin wal bira qabee ilaaluudhaan, karaan itti keessaa ba'uu qabnus waan hin barbaachifne dhiifnee waan barbaachisu tokko, kana jechuunis Kiristoos filachuu qabna jedha. Lakkoofsi barsiisotaa baay'achuun, *sects* sonaan baay'een uumamuuf sababa ta'uu bira darbee, yeroo dhiyootti maqaan ittiin moggaafnu hanga dhabuutti ga'uuf jirra jedha. Tokkoon tokkoon waldaa akka waldaa dhugaatti, yookaan yoo xiqqaate akka qaama ishee isa qulqulluu, isa dhugaatti of lakkaa'u, walii isaanii gidduutti immoo jibba hadhaa'aatiin wal ari'atu. Araarri isaan gidduutti abdatamuu hin jiru; ija diinummaa araarama hin qabneen wal ilaalu.

Macaafa Qulqulluu keessaa ba'anii *creeds* adda addaa bocatu; kunniin masaraa fi dallaa isaanii kan duuba isaanii hidda gadi fageeffatanii fi haleellaa hunda mormaniidha. Kunneen himannaa amantiiti jechuu hin danda'u —yeroo baay'ee akkas ta'uu isaanii amanuu waan dandeenyuuf—isaa ofii isaaniitii hamoo dha. Isaan garuu ibidda diinummaa sooruudhaan akkas ta'u; walumaa galatti isaan dhiisuudhaan madaa Waldaa fayyisuu irratti hojjechuun ni danda'ama ture. "*Labyrinth of sects* fi confession adda addaa kun kan biraati; jaalala falmii... Maaltu ittiin argama? Waldhabdeen barame tokko illee furmaata argatee beekaa? Gonkumaa. Lakkoofsi isaanii ittuu dabale malee.

seexanni sophist isa guddaadha; waldhabdee jechootaatiin mo'amee hin beeku... Tajaajila Waaqummaa keessatti yeroo baay'ee dubbiin namootaa sagalee Waaqayyoo caalaa dhaga'ama. Tokkoon tokkoon isaanii akka barbaadetti ni haasa'u, ykn immoo *disquisitions* baratame fi ilaalcha namoota biroo diiguudhaan yeroo ajjeesu. Waa'ee dhalachuu haaraa fi akkamitti namni tokko Uumama Waaqummaa irraa hirmaataa ta'uuf gara fakkeenya Kiristoositti jijjiiramuu akka qabu (II Pheexiroos 1:4), wanti jedhame baay'ee xiqqaadha. Humna furtuuwwan ta'an keessaa Waldaan humna hidhuu dhabdeetti jechuun ni danda'ama, humna hiikuu qofatu hafeef... Dhoksaawaan, akka mallattoo tokkummaa, jaalalaa fi jireenya Kiristoositti nuuf kennaman akka sababa waldhabdee hadhaa'aa, sababa wal jibbaa, wiirtuu *sectarianism*... taasifamniiru.

Gabaabumatti, amantiin Kiristiyaanaa *labyrinth* ta'eera. Amantiin kutaa xixiqqaa kumaatamatti qoodameera, isaan keessaa tokko yoo isin fudhachuu didanisheretic ykn gantuu taasiftu... Maaltu isin gargaaruu danda'a? Wanti nu barbaachisu waan tokko qofa, innis gara Kiristoositti deebi'uu, gara Kiristoos akka Geggeessaa tokkichaatti ilaaluutti, gara faana Isaa irra deemuutti, hundi keenya karaa biraa hundumaa dhiifnee hanga galma keenya bira geenyutti gara tokkummaa amantiitti (Efesoon 4:13) deebi'uu qabna. Akkuma Gooftaan waaqarraa waan hundumaa lafa Caaffata Qulqullaa'oo irratti ijaare nutis barbaachisummaa *confessions* keenyaa dhiifnee qabeenya hunda keenyaatti, mul'ata Dubbii Waaqayyootti quufuu qabna. Macaafa Qulqulluu harka keenyatti qabannee boo'uu qabna: Waan Waaqayyo Macaafa kana keessatti mul'ise nan amana; abboommii Isaa eegee nan raawwadha; waan Inni abdachiise nan abdiidhaan nan eeggadha. Kiristaanotaa, dhaga'aa! Jireenyi tokko qofa, Duuti garuu bifa kumaatamaan nutti dhufa. Kiristoos tokko qofatu jira, Mormitoonni Kiristoos garuu kumaatama... Kanaaf, yaa *Christendom*, wanti barbaachisaan tokkichi maal akka ta'e beekta. Yookaan gara Kiristoositti deebita yookaan akka Mormituu Kiristoositti gara badiisa deemta. Yoo ggeessa taate, jiraachuus yoo barbaadde Geggeessaa Jireenyaa duukaa bu'u.

Isin garuu yaa kiristaanotaa ol butamuu keessaniitti gammadaa,... dubbii Geggeessaan keessan inni Bantii Waaqaarraa, 'Gara koo kottaa' jedhu dhaga'aa....Sagalee tokkoon, 'Eeyyee haa ta'u, ni dhufna' jedhaa deebisaa."

Amma barri kun hafuura dinoomineeshiitiif guddina guddaa akka kenne qofan dubbadhe. Ilaalchi warra Qorontos "Ani kan Phaawuloos, ani kan Keefaas" jedhu yoom iyyuu caalaa bara kanatti babal'ate. Luteraanota, Husiitota, paartii Zwingli fi kkf turan. Dhagnichi akkas gargar fofoxoquun waan nama gaddisiisu ture. Maqaadhaaf jiraachaa turan garuu du'oo turan. Dhugumatti isaan du'aniiru. Isaan battala gurmaa'anitti du'an. Gareen gurguddoon gurmaa'anii *matrimony* dhaan mootummaatti hidhatan. Sanatu du'a fide. Isaaniif raawwate. Luteraanonni Waldaa Roomaa qeeqan sun kunooti. Isaan jal'ina gaa'elli siyaasaa fi hafuuraa qabu ni beeku turan—ta'us Luuter (akkuma yeroo Pheexiroos warra Yihudootaatiin garmalee madaalamee) sirriitti fuulduratti ba'ee Waaqayyoon dhiisee mootummaa falmaa amanti taasise. Kun dinoomineeshiinii maqaa gaarii qabdu ishee jalqaba ejjituttii keessaa ba'eedha, garuu yeroo Luuter du'etti akkuma ishee ishee lolaa turtee *hierarchy* ta'uun yeroo dheeraa itti hin fudhanne. Sochiin Waaqayyoo kun, dhaloota lammaffaa irratti guutummaatti koola haadha ishee jalatti deebi'e. Isheen duubatti deebitus sana of irratti hin beektu turte. Isaan maqaa Maqaa Isaan olii ofiif kennan. Isaanis maqaa ofii isaaniitiif jiraachaa turan.

Dinoomineeshiinonni hunduu har'a waanuma sana gochaa jiru. Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoos utuu hin ta'in maqaa ofii isaanii jiraachisaa jiru. Sun salphaatti kan mul'atudha sababiin isaas waldaan hunduu akkaataa waaqeffannaa isheetiin malee humna Waaqayyootiin kan beekamtu hin jirtu. Qormatanii ilaalamtu. Akkasumas barri kun mallattoo fi dinqii of keessaa akka hin qabne asitti akka hubattan nan



barbaada. Isaan humna mootummaaf jedhanii humna Waaqayyoo dhiisan. Maqaa ofii isaaniitti cichan; maqaa isaanii maqaa guddaa taasisan. Innis hafuura durii isa nama hundumaa karra isaatti ol galchuu ture. Warri Baaptistii har'a warri Meetodistii gara Baaptistiitti akka dhufan barbaadu. Meetodistoonni warra Presbiteriyaanii amantii jijjiiruuf ba'aniiru. Warri Pheenxee immoo hunda isaanii barbaadu. Tokkoon tokkoon isaanii waan hundarra caalu akka dhi'eessanii fi abdii guddaa akka of harkaa qaban himatu—balbala gara waaqaatti geessu, ykn yoo xiqqaate karaa gara seensa baay'ee qabutti geessu. Hunduu baay'ee nama gaddisiisu.

Hafuurri dinoomineeshiinii kun dinoomineeshiinonni hundinuu maanuwaalii mataa isaanii akka barreessanii fi creeds mataa isaanii akka barsiisan, waajjira mataa isaanii fi mootummaa waldaa mataa isaanii akka hundeessanii sana booda tokkoon tokkoon isaanii akka waan ishee fi isheen qofti dhugaatti Waaqayyoof dubbachuuf ulaagaa guuttuutti himatu.

Yaada lakkoofta, "maqaadhumaaf jiraataadha jedhamtee in waamamta, ati garuu du'aadha" jedhu goolabuu keessatti, barri kun haaromsa kan fide ta'us Waaqayyo isa faarfachuu mannaa cimsee akka ifate diigee isin hubachiisuu na hin barbaachisu, sababni isaas erga Waaqayyo balbala ittiin miliqan banee booda SANYII DINOOMINEESHIINII ISA GARA EJJITUTTIITTI DEEBI' EE GURMAA'E FACAASE. Sochiin Waldaa Kaatolikii irraa fagaachuu yeroo godhametti, guutummaatti sochii Hafuura dhugaa hin turre, irra caalaatti kan siyaasaa ture. Akkuman kanaan dura jedhe, namoonni baay'een sirna garbummaa siyaasaa fi faayinaansii Roomaa waan jibbaniif amantii Pirootestaantii fudhatan. Kanaaf, sochiin kun sochii Hafuura guddaa isa dhiibbaa hojii Hafuura Qulqulluu hundumaa of biraa qabu isa akka yeroo Waaqayyo karaa waan Hafuura qulqullaa'aattii fayyadamee dhuma Isaa Pheenxeqosxeetti raawwachuuf itti fayyadame gochuu dhiisanii, kanaa mannaa, qabatamaattii HOJII DHEEKKAMSA NAMAA WAAQAYYON FAARSU ture, bu'aan isaas seenaa Israa'elonni yeroo Gibxii keessaa ba'an utuu lafa onaa keessa naanna'anii biyya Kana'aanitti hin galin hafanii wajjin wal fakkaata. Haa ta'u malee, bakka harqoonni Roomaa gartokkoon illee ta'u caccabetti, namoonni amma Sagalee Waaqayyoo fudhatanii dhiibbaa Hafuuraaf harka kennachuu akka danda'an sodaa guddaa akka duraanii utuu hin qabaatin waan baay'ee raawwataniiru. Kunis bara *missionary* guddaa itti aanuuf balbala bane.

Izaabeliin isheen Tiyaatiraa miira namoota sana qabachuu dhiisuu keessa hin turre, kanaafis intalli ishee Ataaliyaan bara Saardesitti mala gurmaa'insa isheetiin sanyii dhugaa sana ukkaamsuuf abdii horattee utuu mataa ol qabattuu argina.

### Akeekkachiisa

Mul'ata 3:2,

*"Ka'i, dammaqaas ta'! Wanta hafee du'uuf jedhus jabeessi! Ani fuula Waaqayyoo koo duratti hojiin kee fiixaan ba'uu isaa hin argine."*

Barri Saardes bara haaromsaa jedhamuun hafee bara deebisanii dhaabuu utuu jedhamee natti tola ture. Akkas jechuu hin danda'u. Sagalichi, inni bara deebisanii dhaabuuti hin jedhu, qabatamaatti bara haaromsaati jedha malee. Osoo bara deebisanii dhaabuu ta'ee, silaa barri sun bara Pheenxeeqosxee kan biraa ta'a ture. Garuu akkas hin turre. Wanti gaariin waa'ee isaatiif jedhame yoo jiraate, "Wanta hafee du'uuf jedhu jabeessi" kan jedhudha. Wanta hir'ate wayiitu jira ture. My, eeyyee, hanqinni akka ture beekamaadha. Barri kun qajeelummaa qaba ture, garuu hir'ina qulqullummaa fi hir'ina Hafuura Qulqulluudhaan Cuuphamuu qaba ture. Karoorri Waaqayyoo inni jalqabaa kanuma ture. Wanti isaan gaafa ayyaana Pheenxeqosxee argatan kanuma ture. Isaan qajeelota ta'aniiru, qulqullaa'aniiru, Hafuura Qulqulluudhaanis guutamaniiru. Maaliif, na dhaggeeffadhaa, sababni qajeelota ta'uu fi qulqulleeffamuu keessanii dhumarratti Hafuura Qulqulluudhaan akka cuuphamtaniifi.

Namni waldaa jedhamu jiraachuun sababni isaa kanumaafi. Innis mana qulqullummaa Waaqayyoo kan Waaqayyoon guutameedha, kan Hafuura Qulqulluun guutamedha. Hafuurri Yesuus keessa ture sun, innumti yeroo Inni as lafa irra ture hojiiwwan jajjaboo Inni hojjete akka hojjetu Isa taasisa sun, isaanis hojii Inni hojjete akka hojjetaniif guyyaa Pheenxeeqosxeetti deebi'ee waldaa irratti bu'e. Barri kun hojiiwwan sana hin qabu ture. My, isaan Sagalee barreeffame qabu turan, (garuu Sagalee mul'ate miti). Yeroon kun bara haaromsaa ture. Garuu tuuta xiqqoo nana hin sodaatinaa, "Ani iddootti nan deebisaa" jedhe Waaqayyo, haaromsi kun immoo jalqaba isaa ta'uuf ture. Inni (akka abdii Isaa isa abdachiiseetti) waldaa dhoksa seexanaa isa gadi fagoo bara Dukkana keessaa fuudhee gara dhoksa Waaqayyoo isa gadi fagoo isa warri guyyaa Pheenxeeqosxee fi wantoota waldaan waggoota muraasa gara jalqabaa qabaaachaa turte qabaachuutti deebisuuf ture.

Amma of eeggadhaa, kana fudhaas. Lakkoofsa lammaffaa kana keessatti akkuman dubbise, "Ani fuula Waaqayyoo koo duratti hojiin kee fiixaan ba'uu isaa hin argine" jedha. Hiikni gaalee 'fiixaan hin baane' jedhuu maal akka ta'e beektuu? 'Hin raawwatamne' jechuudha. Barri kun bara fiixaan hin baane ture. Innis jalqabbii iddoo duraatti deeb'uu qofa ture. Kanaafidha Macaafni Qulqulluun bara Haaromsaa kan ittiin jedhuuf—bara deebisee dhaabuu miti. Innis doktiriinii qajeelummaa irraa jalqabee ture kunis fayyinni hundi kan Waaqayyooti jechuu dha. Oo, Luuter waa'ee birmadummaa Waaqayyoo fi waa'ee fo'annaa

attam, attam lallabe. Isaan kun hunduu ayyaanaan akka ta'an ni beeka ture. Inni waldaa bulchiinsa *ecclesiastical hierarchy* irraa adda baase. Waaqolii tolfamoo sana in tatarsaase. *Confessions* lubootaa gadi baasee gate. Phaaphaasii in balaaleffate. Sun waan gaarii ajaa'ibsiisa ture, yeroo inni jalqabetti, garuu Waaqayyo waggaa 1500 dura, "Luuter, ati waan tokko jalqabuuf jirta, garuu barri kee hunduu utuu fiixaan ba'uu isaa hin argine, sana boodaafan dhiisa" jedhee ture. Haaleeluyaa, Waaqayyo keenya ni mo'a! Inni dhumarraa hanga jalqabaatti beeka. Eeyyee, Luuter ergamaa Isaa ture. Hir'ina isaa yeroo qorannu garuu nama akkasii hin fakkaatu. Garuu nama Yoonaas jedhamu tokkotu ture, innis akkasuma nama jireenya isaa keessattis hanqina qaba ture. Tarii anii fi isin hojii isaa irratti hundoofnee raajii miti ittiin jechuu barbaanna malee inni raajii ture. Waaqayyo garuu warra kan Isaa ta'an ni beeka akkuma Yoonaasii wajjin hojjetettis karaa kan Isaa qaba. Inni bara sanatti Luuterii wajjin karaa Isaa qaba ture, haga xumuraattis karaa Isaa ni qabaata.

Barri kun bara fiixaan hin ba'in ture. Innis bara haaromsaa ture. Sun akkuma Waaqayyo akka inni ta'u barbaadedha. Sana akkan obboleessa Luteraanii baay'ee dinqisiisaa ta'ee fi nama pirezidaantii seeminaarii ba'eessa Dhihaa ta'e irraa hubadhetti isiniif ibsuun barbaada. Innis waa'ee Hafuura Qulqulluu akkan itti dubbadhuuf mana isaatti affeerraa irbaataa naaf godhee ture. Wanti baay'een hibboo itti ta'ee waan tureef, "Nuyi Luteraanonni maal qabnaa?" jedhe.

"Ba'eessa, isin Kiristoosiin qabdu"n jedheen.

"Hafuura qulqulluu barbaanna. Qabna jettee yaaddaa?" jedhe.

"Potentially, Isatti amanaa jirtu" jedheen deebiseef.

Innis, "Maal jechuu barbaadde, potentially? Waaqayyoof dheebuu qabna. Kitaaba waa'ee Pheenxeqoosxee fi kennawwan Hafuuraa qabu tokko dubbifne, kanaafis gariin keenya barreessaa kitaabichaa arguuf gara Kaalifoorniyaa deemnee turre. Yeroo achi geenyettis kitaabicha kan barreesse isa ta'us garuu kennawwan sana akka hin qabne nutti hime. Amma hojiin kennaawwanii tajaajila kee keessatti akka hojjetaman yommuu arginutti, waa'ee kennawwan kanaa waan beektu waan qabduuf, si haasofsiisuu barbaanne" naan jedhe.

Amma seeminaarri obboleessa kanaa lafa qonnaa kaaree bal'aa kan barattoonni irratti hojjechuudhaan kaffaltii kolleejjii kaffalataniin marfamee jira. Warshaalee qonna waliin deemanii hojii dabalataa kennanis ni qaba. Kanaaf maasii isaatti fayyadamee dhimma koo ibsuuf akkas jedheen jalqabe, "Yeroo tokko namicha maasii boqqolloo facaasuuf lafa isaatti bobba'e tokko ture. Innis citaa irraa bubuqqisee, dhagaa irraa funaanee, qotee meesuudhaan boqqolloo isaa facaase. Ganama ganamas deemee ooyiruu sana in ilaala ture; garuu ganama tokko lafa duwwaa utuu hin ta'in, biqilaa xixiqqoo kumaatamaan lakkaa'aman ol ba'an arge. Innis, "Maasii boqqolloo kootiif Waaqayyo haa galateeffamu" jedhe. Anis sana bodda, "Namichi boqqolloo qabaa?" jedheen isa gaafadhe.

Innis, "Eeyyee, karaa tokkoon qaba" naan jedhe.

Anis, "Potentially, eeyyee; sun immoo isin Luteraanota haaromsa keessa turan, biqilli mute sun isini, argitaa? Boqqolichi guddachuu jalqabe. (Erga bara Dukkanaa biyyoo keessatti tortoree booda). Umna hedduu erga baafatee booda maseena ol dheeraa ta'e, gaaf tokkos dararee algee yaafate. Algeen sunis baala jalqaba bile sana gadi ilaalee, "Isin Luteraanota idilee dulloomoo nana, homaa hin qabdan. Mee nu ilaalaa nuti horsiiftoota, nuti ergamtoota gurguddoodha. Barri keenya bara ergamtootaati" jedhe. Barri algee sun bara Wesleyaanii ture. Isaan misiyoonota gurguddoo hunda caalan kan turan si'a ta'u, warra bara keenyaa kana iyyuu nu caalu turan. Barri sun maal godhe? Akka bullaa daraaraa kormaa qilleensa keessaa faffaca'e.

"Amma sadarkaan itti aanu maali? Akka loojikiitti sadarkaa uumamuu fi sassaabamuu ija midhaaniiti jennee yaadna—marsaa xumuraa. Garuu akkas miti. Sadarkaa biraatu jira. Sadarkaan sun yeroo qolli ykn qolli boqqolloo uumamee sanyii sana haguugudha. Sirna marsaa Hafuuraa kana keessattis sirriitti kanumatu ta'e. Jalqaba jaarraa digdamaffaatti, jalqaba bara Laa'odiqeyaatti, Hafuurri Qulqulluun akkuma guyyaa Pheenxeqoosxeetti dhangala'aa akka jiru amantiin bal'aan ture. Namoonni afaan haaraatiin haasa'aa turan, ragaan Hafuura Qulqulluun Cuuphamuu isaaniis afaan haaraatiin dubbachuu isaani akka ta'etti himataa turan. Garuu yeroo baay'ee maasii midhaanii keessa deemeera, achittiis yeroo birraa asheeta nyaachuuf mataa qamadii buqqisee harka kootiini sukkumeera, *to my surprise* IJA QAMADII TOKKO ILLEE YEROON LUKOO SANA KEESSAA DHABU JIRA, WAAN OF KEESSAA QABU HAA FAKKAATU IYYUU MALEE. Kun fakkeenya suuraa mudaa hin qabnee kan sochii warra Pheenxee jedhamanii ti.

Akkasumas kun dhugaa mirkanaa'e ta'uun isaa namoonni kun DOKTIRIINI TOKKO IRRATTI GURMAA'ANII akkuma jaarmiyaa isaan dura tureetti duubatti of hidhuun isaani, sanyii dhugaa ta'uu mannaa ija qamadii dhufuu qabutti qola sanyii ykn golgaa ittisaa ta'aa akka turan mirkaneessa. Sadarkaan qola qamadii kun yeroo balaa isa Yesuus Maatewos 24:24 irratti, "yoo isaaniif danda'amee warra Waaqayyoof fo'aman iyyuu in gowwomsu" jedhee dubbatee ti. Oo, habaqaan sun, Bara Pheenxeqoosxee kan jedhame sun, akka waan sanyii dhugaa ta'eetti namatti dhaga'ame. Garuu lubbuu

sana gara bara deebisanii dhaabuun dhugaan itti dhufuu fi Misirroon Qamadii humna Hisqi'eel 47:2-5 irratti dubbateen mul'attutti dabarsuudhaaf baattuu qofa ta'uu isaa mirkaneesse.

*"Ergasii immoo karaa karra gara bitaa gad na baasee, dugda duubaan gara karra isa duubaa isa gara ba'a-biiftuutti garagalutti na geesse; bishaanichis karaa gara mirgaa irra alatti in yaa'a ture.*

*Namichi ulee safaraa isaa of harkatti qabatee yeroo gara ba'a-biiftuutti ba'e, dhundhuma kuma tokko in safare; ana immoo bishaanicha isa gulubii ga'u sana keessa na adeemsise.*

*Dhundhuma kuma tokko immoo safaree, bishaanicha keessa na adeemsise; bishaanichis jilba in ga'a ture; ammas dhundhuma kuma tokko safaree bishaanicha keessa na adeemsise; bishaanichi mudhii na ga'a ture.*

*Itti dabalees dhundhuma kuma tokko in safare; bishaanichis ol ka'ee, kan namni daakaadhaan malee ce'uu hin dandeenye waan ta'eef, anis keessa adeemee ce'uu hin dandeenye."*

"Kan raawwatames fedha Waaqayyoo fi sagantaa Isaa isa mudaa hin qabneen ture. Luteraanonni qajeelummaa jalattipotentially Hafuura Qulqulluu qabu turan; Meetodistoonni qulqullummaa jalattii potentially Hafuura Qulqulluu qabu turan, har'a immoo Inni guutummaatti deebifama, yeroo iddootti deebifamuu ti—Hafuurri Qulqulluun as jira."

"Ka'i, dammaqaas ta'i! Wanta hafee du'uuf jedhus jabeessi!"

Amma yaadonni jechoota lamaan, "dammaqii" fi "jabeessi" jedhamaniin ibsaman isaan kanadha. Akeekkatani ilaaluun yaada dammaqaa ta'uu qofaa utuu hin ta'in yaada *alert* ta'uus of keessaa qaba. Lamaan keessaa tokko qofa ta'uun balaa fi kasaaraa fiduu danda'a. Jabeessuu jechuun humna kennuufii qofa osoo hin ta'in, hafee akka jiraatuuf cimsanii gadi dhaabuu jechuudha. Abboommiin lamaan kun DHUGAA xiqqoon hafte sunuu akka du'uuf jettu ykn akka "lubbuun keessa harachuuf" jettu agarsiisa. Ibsi Hafuuraa kun akka fakkeenyaatti na dura dhufa. Garee garbootaa tokkotu turan, isaanis guutummaatti garbummaa qaamaa fi qalbiin hidhamanii utuma jirani ka'anii warra isaan booji'an jalaa miliqan (dhugaadha Saardes jechuunis kanuma jechuudha: warra miliqan). Isaan ni ari'aman, sadarkaa fi ulfina argachuuf malan hundumaas in dhaban. Isaan deebi'anii hin fudhatamne, sana hundumaaf garuu wanti jedhamu miliquu isaaniiti—akka garboota tokko tokkoo akka Sagalichaatti qulqulleeffamanii miliqan miti. Bilisummaa baay'ee of dhabansiisan.

Amma Gooftaan akkas jedha, "Isin *potentially* garbummaatti deebitaniittu; akka duubatti hin deebinetti ilaalladhaa. Duubatti deebi'uu irraa of eeguuf *alert* ta'uudhaan wantoota garbummaatti isin galchan irratti yeroo hundumaa dammaqaa ta'aa, kanaa achii hunda dhabdu. Waan siif hafteen amma of jabeessi, gara fuula duraatti kisaaraan akka sirra hin geenyetti wabii akka siif ta'uuf wanta hafe akka hin sochoonetti cimsi, hundee isaa jabeeffadhu. Kun carraa waan fiixaan hin baasin haftan ittiin fiixaan baaftanii ti." Isaan garuu itti fufaniiruu? Lakki obbo. Isaan sagalee Hafuurichaa hin dhaggeeffanne barri biraas boojutti waan seeneef Waaqayyo warra fedha Isaa raawwatan kaan kaase. Waaqayyo akkuma warra kaan hundumaa dinoomineeshiinii Luteraanii biras darbe, isaanis yoomiyyuu hin deebi'an. Waaqayyo itti fufee bara haaraa tokko keessatti dhugaa dabalataa fi deebisanii dhaabuu dabalataa xiqqoo fiduu qaba ture.

## Firdii

Mul'ata 3:3,

*"Ammas wanta sitti dabarfame akka itti fudhattee fi akka itti dhageesse yaadadhuu eegi! Yaada garaa kees geeddaradhu! Yoo dammaqaa ta'uu dhaabaatte garuu, ani akka hattuun dhuftutti nan dhufa, yeroo ani sitti dhufus matumaa hin beektu!"*

Lakkoofsuma kana akka hiikkaa Wuest hiiketti dubbisuun barbaada,

*"Akkaataa kamiin (dhugaa akka permanent depost tti) akka fudhattee fi akkaataa kamiin akka (isa) dhageesse yaadadhu, isas eeggadhu, yaada garaa kees geeddaradhu."*

Waaqayyo dhugaa akka permanent deposit'tti akka isaaniif kenne lakkoofsa kana irraa baay'ee ifaadha. Innis qabeenya isaaniif kenname yoo ta'u, kennaa hin deebinedha. Amma wanta isaan ittiin hojjetan ilaaluun ittuma fufa, kunuunsuu fi dhiisuun isaanii. Sunis dhugaadha. Dhugaa bu'uura Wangeela guutuu, "Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata", "Fayyinni kan Gooftaa ti" jedhutu kennameefii ture. Isaan dhugaa Macaafa Qulqulluu kan doktiriinii Roomaa gadi darbatee aangoon phaaphaasii hundumaas hojii ala godhe dhaga'anii turan. Dhugaa waldaan hin beekne beeku turan. Maalummaa irbaata Gooftaa hubatan. Cuuphaa bishaanii irratti ifa qabu turan. Suraawwan sana gadi baasanii gatan. Dhugaa? Maaliif barri namoonni ifa baay'ee dhangalaasu qaban kana booda hin turre. Sirna durii guutummaatti sirreessuuf

yk n haaraa jalqabuuf ifa ga'aa qabu turan, Waaqayyotu tooraa gara tooraatti, ajajaa gara ajajaattis akka geggeeffaman godhe. Isaan dhugaa fudhataniiru. Isa dhaga'uu barbaadaniiru, dhaga'aniirus.

Gaaffiin ture garuu, akkamitti dhaga'an kan jedhu ture. Isaan isa irratti ijaaruuf dhaga'an moo ilaalcha Giriikonni baay'een qabaniin ture—waa irratti mari'atanii ti'oorii gochuufii? Dubbiin dhugaa badhaadhaa ta'e sun hojii qabatamaa hojjechuuf utuu hin ta'in, bifa akkaadaamiitiin dhaga'amaa akka ture ifaadha, sababiin isaas Waaqayyo waa'ee sanaatiif yaada garaa akka geeddaratan barbaadaa ture. Kun Dubbii Waaqayyoo erga ta'ee, Isaaf abbomamuun dirqama. Abboomamuu dhabuun firdii fida. Eegdonni mana qulqullummaa yeroo rafanitti reebamanii uffanni isaaniis jalaa gubame. Warra bara kana keessatti eegdota isaanii gad dhiisi godhan Gooftaan maal godha laata?

*"Ani akka hattuun dhufutti sitti nan dhufa."*

Saardes durii yeroo hunda baandota tulluu irraa bu'anii namoota saamaniin rakkachaa turte. Kanaafuu dhufaatiin Gooftaa akka hattuutti ta'a isa Hafuurri jedhu sirriitti beeku turan. Dhufaatiin Isaatiif qophaa'uuf of eeggachuu fi qophaa'aa ta'uu qofti ga'aadha. Amma dhufaatiin Waaqayyoo akkuma bara Nohi waan ta'uuf, kun ergaa muka wayinii sobaa ta'uu isaa ni beekna. Namoonni saddeet lolaa dhufuuf jiru sirriitti kan beekan si'a ta'u, beekuudhaan qophaa'anii du'a oolan. Biyya lafaa warri Waaqayyoon hin sodaanne garuu ni haxaa'aman. Guyyaa guyyaadhaan warra qajeelotaa wajjin wal arganii dhugaa jiru dhaga'anis, hanga gaafa aduun isaanitti dhiituutti amanuu didan. Namoonni bara durii warri guutummaatti yaada foonii duukaa bu'an sun har'a kiristaanota maqaa kanneen jireenyi isaanii waan biyya lafaatiin guutee, isaafis jedhanii hamma hawwa waan Hafuura of keessaa dhabuutti ga'anitti fakkeeffamu, isaan homaa qabu hin qaban, mul'achuu Isaatiifis hin qophoofne.

### Leellifamuu

Mul'ata 3:4,

*"Haa ta'u iyyuu malee Saardes keessaa namoota muraasa warra uffata isaanii hin xureessine jedhamanii maqaa argatan qabda. Warri kun uffata adii uffatanii anaa wajjin deddeebi'uuf jiru, isaan kanaaf warra malanii dha."*

Dhugaadha jechi 'maqaa' jedhu 'namoota' jechuu akka ta'e HoE 1:15 irratti warra kutaa gubbaa keessa jiran ilaalchisee, "Lakkoofsi namoota (names) walitti qabamanii gara 120 ture." Anaaf garuu namoota agarsiisuu irra kan caaludha; dhugaa bara hundumaa keessatti mul'ate isa Gooftaan keenya dubbii yaada gadi fagoo qabuun nutti dubbate sana ibsa. Innis kana: Waldaan sirnaa bara kanaa muka wayinii dhugaa fi muka wayinii sobaa irraa ijaaramte. Waaqayyo murtee birmadummaa Isaatiin hunda isaanii walitti qabee waldaa kiristaanaa jedhee waame.

Bara kana keessatti akkamitti akka isaan ifate ilaalaa mee, waldoota Saardes keessa jiran hin jenne, walitti cafaqee, "waldattii" jedhe malee... "ani hojii kee beeka... ati du'aadha... hojiin kee fiixaan hin baane..." Achiis ittuma fufee—"Ati (waldaan Saardes keessa jirtu kun) namoota sirrii ta'an muraasa of keessaa qabda, isaan akka warra huddummina qaban sanaa jal'oo miti. Warri uffata adii uffatanii deddeebi'an kun Anaaf kan malanii dha." Amma namoonni qulqulloota Waaqayyoo dhugaa ta'an kun "yeroo hundumaa waan Gooftaatti tolu hojjechuudhaan" deddeebi'aa turan. Uffanni isaanii qulqulluu ture. Hubadhaa, uffanni guyyoota bara sanaa lafa haraa waan deemuuf xurii fi wanta nama xureessuu guuraa deema. Isaan kun garuu akka biyya lafaatiin hin mancaanetti ilaallataa deddeebi'u turan. Isaan Hafuura keessa turan, Hafuuraan deddeebi'aa turan. Isaan Isa duratti qulqulloota, warra mudaa hin qabnes turan. Kanaafuu isaan kaayyoo fo'amaniif fiixaan baasaa turan, sababiin isaas kaayyoon Waaqayyoo nu fo'eef akkuma Efesoon 1:4 jedhutti, "warra qulqullaa'anii fi warra isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf" waan ta'eef.

Amma lakkoofsa warri Waaqayyoo fo'ate "namoota muraasa maqaa argatan" akka ta'an agarsiisu kana irraa, waa'ee bara kanaa waan barsiisaa turre ifatti arguu dandeessu. Bara jeequmsaa ture. Bara FIIXAAN BA'IINSA HIN QABNE ture. Karaa walirraa goruun kan guute ture, Waaqayyos hamma bara baraatti jechuun ni danda'amaa, baricha in ifate. Innis dadhabaa, dhukkubsataa fi waan du'uuf jedhu ture. Inni bara ulfina qabeessa isa barreessitoonni seenaa sammuu foonii warra Pirootestaantii gochuuf yaalan sana miti. Namni tokko jarjarsuudhaan gara mukichaa yoo ilaale, muka geerii fi ilmaan hawaannisaa qorqanii fixan, muka baala hin qabne, muka daddabaa fi firii raamma'aa lafatti gad harca'u irraan kan hafe homaa hin qabne arga. Garuu mee suuta haa jedhu! Itti dhi'aatee haa ilaalu. Gubbaa fiixee isaa irra, iddoo ifa aduu argaturra, 'firiwwan jalqabaa' muraasni jiru—warri 'maqaa argatan' muraasi jiru—isaa isa irraa waan dhalataniif Isa duratti warra mudaa hin qabne, warra Isaan guutaman, warra Isaatiin Isaa wajjin deddeebi'anidha.

'Warra muraasa' sanaaf Waaqayyoon galateeffadhaa.

*"Isaan Anaa wajjin deddeebi'uuf jiru."*

Wanti Waaqayyoo deddeebii qajeelaa kanaaf isaan badhaasa jedhu kanuma. Sunis qaama dhaala

isaanii kan inni isaaniif kaa'eedha. Yoo isaan Dadhabbii fi kiyyoo jireenyaa keessa Isaa wajjin deddeebi'uudhaan ulfina Isaaf ta'uuf yoo fedhii qabaatan, Inni isaan badhaasuuf ture. Inni gatii dadhabbii jaalalaa keenya hin dagatu. Dadhabbii Isa gammachiisuuf goonu, Waaqayyo yeroo hundumaa gatii isaa nuuf kenna.

60Eeyyee, isaan biyya lafaa keessa deddeebi'an malee isarraa hin hirmaanne. Sirnoonni biyya lafaa akka isaan mo'aniif harka hin laanne. Namoonni beekamoo bara sanaa afaan dhadhaa mootummaaf harka kennatanii sammuu Hafuuraa caalaa sammuu siyaasaa filatanii gara biyya lafaatti deebi'uuf karaa irra yeroo bu'anitti, warri muraasni kun Sagalee Waaqayyoof dhaabbatan, kanaanis Gooftaa ulfeessan. Amma immoo Isatu deebisee isaan ulfeessuuf jira. Isaan uffata adii uffatanii Isaa wajjin in deddeebi'u. Isaan lafa irratti Isa wajjin adda of baasanii turan amma immoo Isatu Yerusaalem Haaraa keessatti isaan wajjin adda of baafasa. Adda baasuun sunis attam waan baay'ee dinqisiisaa ta'uuf jira laata! Na gammachiisa garuu yeroon gad of qabuu Isaa yaadu immoo na boossisa, sababiin isaas Inni akka geggeessitoota biyya lafaa uffata addaa kan halluun isaa kan qulqullootaa irraa adda ta'e akka hin uffanne ni yaadattu. Lakki, isaan akkuma Isaati; Innis akkuma isaaniiti. Isaan akkuma Yohaannis jedhe iyyuu Isa fakkaatu; sababni isaas "akkuma Inni isaan argu, isaanis Isa in argu."

*"Isaan kanaaf warra malanii dha."*

Kana kan dubbachaa jiru Eenyu akka ta'e beektuu? Innis Yesuus, Ofii Isaatii Isa Malu. Macaaficha harka Isa teessoo irra taa'uu keessaa baasuuf kan malu Isa duwwaa dha. Amma immoo Isa Maluuf kanatu qulqulloota Isaatiin, "Isin kanaaf warra maltanidha" jechaa jira. Inni Tokkicha firdii keennuudhaaf ga'umsa qabu, (dhugumatti firdii hunduu Isatti dabarfamee kennameera,) egaa Isumatu, "isin kanaf warra malanii dha" jedha. Jechoonni kun akkuma jechoota Roomaa 8:33b irratti argamanii, baay'ee kan nama dinqisiisanidha.

*"waaqayyo ani qajeelaa dha jedha."*

(Akka Hiikkaa Way hiikeetti.) Ifa calaqqisaa qajeelummaa Waaqayyoo keessatti yeroo Yesuus sagalee gurratti nama toluun, "Isaan kun kan Kooti. Isaan qajeelota. Isaan kanaaf kan malanii dha. Isaan uffata adii uffatanii Ana wajjin in deddeebi'u."

### **Abdii Nama Mo'uuf Abdachiifame**

Mul'ata 3:5,

*"Nama mo'utti akkasuma uffata adiitu uffifama; ani maqaa isaa macaafa jireenyaa, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessaa hin balleessu; abbaa koo duratti, ergamoota isaa durattis maqaa isaa waamee kan koo ta'uu isaa nan beeksisa."*

*"Nama mo'utti akkasuma uffata adiitu uffifama."*

Kun dhugumatti irra deebii lakkoofsa 4 yoo ta'u, isa keessattis namoonni muraasi uffata isaanii hin xureessine akka jiran eeruun isaa ni yaadatama. Mammaaksa durii mamii tokko malee lakkoofsa kana irraa fudhatame jennee amannu tokko qabna. Innis, "Wayyaa kee hin xureessin" kan jedhu ture. Hiikni isaas: waan nama yakkisiisutti hin hirmaatin; warri kaan itti hirmaachuu danada'u ta'a, atis akka itti hirmaattuuf qoramu dandeessa, ykn namni ta'e tokko akka itti hirmaattuuf diqisiisuuf yaaluu danda'a; garuu akka ittiin of hin xureessinetti hamma dandeessu fiigii irraa fagaadhu. Amma Waaqayyo warra gorsa kana duukaa bu'an badhaasuuf deema. Akkuma Inni uffata adii uffate isaanis uffata adii uffachuuf jiru. Pheexiroos, Yaaqoobii fi Yohaannis Gaara Jijjiiramaa irratti yummuu Isa argan uffanni Isaa akka ifaa adii ture. Qulqulloonni akkasitti uffachuuf deemu. Uffanni isaanii ni calaqqisa, akka jirbii iddamaas adii in ta'a.

Nuti bara dhumaa keessa jiraachaa akka jirru ni beektu. Bara kana keessati waldoonni walitti dhufuuf deemu. Ammas siyaasa biyya lafaa to'achaa waan jiraniif yeroo dhi'ootti faayinaansii biyya lafaa ni to'atu. Sana booda, yoo miseensa jaarmiyaa waldoota addunyaa keessaa tokko taatan malee, bitachuus ta'e gurguruu hin dandeessan. Waan hundaan ni kasaartu. Warri Waaqayyoof amanamoo ta'anii fi uffata isaanii xuraa'ummaa 'world-system' sirna waldaa kana irraa qulqullummaatti eeggatan qabatamaatti ni dhiphifamu. Qormaanni guddaan harka kennachuu irraan isaan ga'u isaanitti in dhufa. Lallabdoonni caasaa sirna bineensa mormituu Kiristoos keessa teenyee Waaqayyoon ni tajaajilla jedhanii waan yaadaniif harka kennatu. Isaanis sobanii afaaniin namatti kuuluu fi gowwomsaa warra *hierarchy'tti* harka kennatu. Sabanis tiksoota sobaa kana duukaa bu'ee hamma qalmaatti ni deema. Guyyaa Firdiitti garuu hundi isaanii qullaa ta'anii ni argamu. Uffanni adiiin sun isaaniif hin kennamu; Isaa wajjinis hin deddeebi'an. Uffata xuriin biyya lafaa kanaa tuqe uffattanii, asitti seexanaa wajjin harka wal qabattanii deemtanii, sana booda Waaqayyoo wajjin nan deddeebi'a jettanii eeguu hin dandeessan. Yeroon dammaqnee sagalee Waaqayyoo isa "Yaa saba koo, cubbuu ishee irraa akka hin hirmaannetti dha'icha ishee irraas akka hin fudhannetti ishee (amatii caaseffamte) keessaa ba'aa" jedhee iyyu dhaga'uu qabnu amma. Ameen. Waaqayyo dubbachaa jira. Amantiiwwan biyya lafaa kanaa irraa yoo fagaattan dha'icha irraa fagaattu. Biyyi lafaa wajjin deemuu dhiisaatii yaada garaa geeddarachuudhaan dhiiga Hoolichaatiin uffata keessan

addeeffadhaa. Sanas ammuma godhaa, bor guyyaa dhumaa ta'uu danda'aa!

*"Nama mo'u, Ani maqaa isaa macaafa jireenyaa, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessaa hin balleessu."*

Ammas deebinee kutaa Sagalichaa keessaa isa baay'ee rakkisaa ta'etti dhufne. Lakkoofsa kana Arminiyaanonni fi Kaalviinistoonni irra-keessa qofa ilaaluudhaan akka kaayyoo mataa isaanii wajjin wal simutti itti fayyadamu.

Warri Arminiyaanotaa lakkoofsi kun Yohannis 6:37-44 mamii tokko malee akka haqu labsu.

*"Abbaan koo anaaf kan kennu hunduu gara koo in dhufa, isa gara koo dhufus ani of irraa hin ari'u;*

*fedha ofii kootii raawwachuudhaaf miti, fedha isa ana ergee raawwachuudhaafan waaqa irraa gadi bu'e malee.*

*Inni na erge immoo, warra inni anaaf kenne keessaa tokko illee akka ani balleessu hin fedhu, guyyaa booddeetti du'aa akkan isaan kaasuu fedha malee.*

*Warri Yihudootaa, waan inni, 'Ani buddeena isa waaqa irraa gadi bu'eedha' ofiin jedheef isa irratti in gunguman.*

*Isaan, 'Kun ilma Yoseef isa abbaa isaa fi haadha isaa beeknu mitii? Amma attamiti waaqa irraan gadi bu'e' jedha ree? jedhan.*

*Yesus deebisee, 'Walii keessanitti hin gunguminaa!*

*Abbaan inni ana erge yoo isa harkisuu dhaabaate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u; isa gara koo dhufu immoo ani guyyaa isa dhumaatti du'aa nan kaasa' jedhe."*

Arminiyaaniiziimiin fedha Abbaa, kaayyoo birmadummaa osoo hin ta'in, fedha ofitti gammaduu qofa gochuudhaan akka waan Inni waan namni hundi kennaa gaarii fi ayyaana Isaatiin hojjetu, jireenya bara baraa illee, call'isee duuba dhaabbatee ilaalu taasisa.

Warri Kaalviinii sana hin argan. Isaan Lakkoofsa kana keessatti jajjabina cimaa warra gidirfamaniif, qulqulloota ba'aa ulfaataa baataniif kenname argan, yeroon sun hammam hamaa ta'us, ari'atamni hammam hamaa ta'us warra obsaan danda'aniif, sababiin isaas namni mo'u nama, "Yesuus Masihii ta'uu Isaa amanu" dha, maqaan isaas Macaaficha keessaa hin haqamu. Isaan tokko tokko immoo 'Macaafni Jireenyaa' kun 'Macaafa Jireenyaa isa kan Hoolichaa' miti jedhu. Garuu akkuma barame namni tokko keeyyata tokko irra-keessa yommuu dubbisu hubannoo irra-keessaa argata.

Maqaan tokko galmee Waaqayyoo keessaa baafamuu danda'uu fi dhiisuu isaa qorachuuf mala qo'annoo *causal study* olii barbaada, sababiin isaas hanga har'aatti barattoonni baay'een Waaqayyoo maqaa warra lammata dhalatanii gaafuma isaan lammata dhalatan sana Macaafa Jireenyaa Hoolichaa keessatti caafa jedhanii akkasumaan yaada dimshaashaa lafa kaa'u; akkasumas sababa kamiinuu maqaan sun haqamuu kan qabu yoo ta'e, bakki galmee sun akkuma iddoo utuu maqichi itti caafamin dura tureetti deebi'ee bakka duwwaa ta'a jedhu. Kunis waan Sagalichi dhugaatti barsiisu irraa dhibbaa dhibbatti faallaa dha.

Jalqabuma qo'annoo keenyaa irratti, Waaqayyoo yeroo ammaa kana galmee maqaa galmeessaa akka jiru Caaffanni Qulqullaa'aan barsiisu TOKKO akka hin jirre haa beekamu. Kun hundinuu uumamuu biyya lafaa dura kan raawwatame yoo ta'u, sanas yeroo gabaabaa keessatti kan ilaallu ta'a. Akkasumas, yaada garee namoota lamaa kan lamaan isaanii iyyuu carraa jireenya bara baraa argachuu argatanii, gareen tokko simatanii maqaan isaanii galmee irratti kan galmaa'e yoo ta'u, warra fudhachuu didan immoo maqaan isaanii garee hin caafamne jedhutti yaada keessan hin hidhinaa. Dhugumatti namoonni sonaan baay'een warri lammata hin dhalatin iyyuu jireenya bara baraatti akka galan Caaffata Qulqullaa'oodhaan ni mirkaneessina. Kun waan hin dandaa'amne haa fakkatu malee, dhugaa hin haalamne dha. Akkasumas gareen namoota uumamuu biyya lafaa dura maqaan isaanii galmicha irratti caafaamee fi HAALA KAMIYYUU KEESSATTI MAQAAN ISAANII ISA KEESSAA HAQAMUU HIN DANDEENYE akka jiran ni mirkaneessina; akkasumas gareen biraa kanneen MAQAAN ISAANII UUMAMUU BIYYA LAFAA DURA GALMEE SANA IRRATTI GALMAA'EE, GARUU HAQAMUUF JIRUS akka jiran ni mirkaneessina.

Jalqabuma iyyuu, 'Macaafa Hoolichaa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman' 'Macaafa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Itti Caafaman' wajjin tokko miti yaadni jedhu bu'uura hin qabu. Macaafa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Itti Caafaman kan jedhamu Macaafa Hoolichaa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman, ykn Macaafa Kiristoos Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessaatti Caafaman, ykn Macaafa Kee fi Macaafa Warri Jiraatoon Itti Caafaman illee jedhamuu danda'a. Maqaa qofatu keessatti barreeffame.

Mul'ata 13:8,

*"Warra lafa irra jiraatan keessaa, uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman irratti hin argamne hundinuu, bineensichaaf sagaduuf jiru."*

Mul'ata 17:8,

*"Bineensi ati argite sun, takka jiraataa ture, amma immoo hin jiru; iddoo lafa jalaa keessaa ol ba'uuf jira, booddee immoo gara badiisaa in dhaqa. Sababii inni takka jiraataa turee amma immoo hin jirreef, deebi'ee immoo argamuuf jiruuf, warri biyya lafaa irra jiraatan, warri uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa warra jireenya argachuuf jiranii keessatti hin caafamin, bineensicha arganii raajeffachuuf jiru."*

Mul'ata 20:12-15,

*"Warra du'anis xinnaa fi guddaa teessicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafonni in banaman; macaafni biraa, inni warri jireenya argachuuf jiran itti caafaman tokkos in baname; warri du'an immoo akka hojii dur hojjetaniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan."*

*Galaanni warra du'anii isa keessa turan of keessaa baasee in kenne. Duunii fi mootummaan warra du'aniis, warra du'anii isaan harka turan of harkaa baasanii in kennan; namni hundinuu adduma addaan akka hojii isaatiitti firdii in argate."*

*Kana booddees duunii fi mootummaan warra du'anii kuufama ibiddaatti gadi in darbataman; kuufamni ibiddaa kun du'a isa lammaffaa dha."*

*Namni maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis, kuufama ibiddaatti gad in darbatame."*

Macaafonni caafaman haa jiraatan malee galmees maqootaa ilaalchisee macaafa TOKKOTTI akka akeeku hubachuu dandeessu. Innis mul'ata keessatti, "Macaafa Hoolichaa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman" ykn "Macaafa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Itti Caafaman" jedhame.

Amma macaafni kun eessatti argama? Luqaas 10:17-24,

*"Jarreen torbaatamii lamaanis guddaa gammadaa deebi'anii dhufanii, 'yaa gooftaa, maqaa keetiin yommuu isaan abboomne, hafuuronni hamoonni iyyuu nuuf abboomaman' jedhan."*

*Yesus immoo deebisee, 'Seexanni akka bakakkaa waaqa keessaa bu'uutti utuu inni kufuun arge."*

*Ani kunoo mar'ataa irra, torbaan-qabaa irra, aangoo diinaa hundumaa irras ejjechuu akka dandeessaniif, gooftummaa isiniif kenneera; homtinuus isin hin miidhu."*

*Haa ta'u iyyuu malee, hafuuronni hamoonni isiniif abboomamuu isaaniitti hin gammadinaa; maqaan keesan waaqa irratti waan caafameef, guddisaa gammadaa malee' isaaniin jedhe."*

*Yeroo sanatti Yesus hafuura qulqulluutti gammadee, 'Yaa abbaa, gooftaa waaqaatii fi lafaa, isa kana warra ogeessotaa fi hubattoota jalaa dhoksitee, wallaalotatti waan mul'ifteef sin jasadha; eeyyee, yaa abbaa isa kanatti gammaddeetta' jedhe."*

*Itti fufee namoota achi turanitti, 'Abbaan koo waan hundumaa dabarsee anatti kenneera. Abbaa isaa duwwaatu beeka malee, ilmi eenyu akka ta'e kan beeku hin jiru; ilma isaatii fi warra ilmi isaa itti mul'isuu barbaadetu abbaa beeka malee, abbaan eenyu akka ta'e kan beekus hin jiru' jedhee dubbate."*

*Kana booddee immoo gara bartoota isaatti gara galee kophaatti, 'Iji waan isin amma argitan kana argu ayyaantuu dha."*

*Raajonnii fi mootonni baay'een isa isin argitan kana arguu akka kajeelan akka hin argin hafanis, waan isin dhageessanis dhaga'uu akka kajeelan, akka hin dhaga'in hafanis, isinittan hima' ittiin jedhe."*

Macaafni Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman waaqa irratti kan argamu yoo ta'u, innis guyyaa firdii Teessoo Adii guddaa duratti dhi'aata. Lakkoofsa kana keessatti Yesuus MAQAAN isaanii waaqa irratti akka caafame dubbate. Isaanis Macaafa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman keessatti caafamaniiru, sababiin isaas iddoon maqaan itti caafamu achi waan ta'eef. Yesuus

warra torbaatamaatti dubbachaa ture (lakk. 17), kophaatti garuu warra kudha lamaanitti dubbachaa ture (lakk.23). Isaan kun hundinuu seexanni Maqaa Yesuusiin isaaniif abboomamuu isaatti gammadaa turan. Deebiiin Kiristos garuu, "Hafuuronni hamoonni isiniif abboomamuu isaaniitti hin gammadinaa; maqaan keesan waaqa irratti (Macaafa Jireenyaa irratti) waan caafameef, guddisaa gammadaa malee" kan jedhu ture. Asirratti Yihudaan warra Maqaa Yesuusiin hafuurota hamoota baasaa turan keessa tokko akka ta'e ni hubattu, garuu inni mataan isaa seexana, ilma badiisaa akka ta'e ni beekna.

Yohannis 6:70-71,

*"Yesus immoo, 'Ani kudha lamaan keessan fo'adheera mitii? Isin keessaa tokko garuu, Seexana' isaaniin jedhe.*

*Kanas waa'ee Yihudaa ilma Simoon, nama biyya Keriyot sanaaf dubbate; innoo warruma kudha lamaan keessaa tokkotu dabarsee isa kennuudhaaf jira ture."*

Yohaannis 17:12,

*"Hamma ani isaan bira turetti, humna maqaa keetii isa ati anaaf kenniteen isaan nan eega; waan hamaattii isaan eegeera, dubbiin macaafaa akka raawwatamuufis isaan keessaa ilma badiisaa malee, tokko illee kan bade hin jiru."*

Yohaannis 13:10-11 fi 18,

*"Yesus immoo, 'Kanaan dura kan dhiqate miilla isaa duwwaa dhiqachuu malee, lammaffaa isaaf hin barbaachisu inni guutummaatti qullaa'aa dha'o; isin qullaa'oo dha, garuu hunda keessan miti' jedheen.*

*Innoo dabarsee isa kennuuf kan ture, eenyu akka ta'e waan beekkeef, 'Hundumti keessan qullaa'oo miti' jedhe.*

*'Ani waa'ee hunduma keessaniitiif hin dubbadhu, warra ani fo'adhe immoo beeka; inni macaafani, 'Namichi buddeena koo nyaate na dhiite!' jedhu garuu, raawwatamuun hin oolu' jedhe."*

Amma dhuguma afaanni hiika qaba yoo ta'e Yesuus Yihudaa akka fo'ate amanuu qabna (Yohaannis 13:18), haa ta'u malee inni qullaa'aa hin turre. (Yohaannis 13:10-11), Yihudaa Abbaanis Yesuusiif kenneera. Yohaannis 17:12. (Asitti hubatamuu kan qabu, "fo'achuu" fi 'kennuun' akkuma fakkeenya Musee fi Fara'oon, Yaaqoob fi Esaawuu sirriitti wal fakkaata, sababiin isaas Esaawuu fi Fara'oon lamaan isaanii iyyuu dursanii kan beekaman ta'anis, dheekkamsaaf dursanii kan murtaa'an yoo ta'u, dhumni Musee fi Yaaqoob garuu ulfina ture. IPheexiroos 2:8-9a warra fo'amanii fi warra *reprobate* ta'an ilaalchisee, "isaan sababii dubbichaaf abboomamuu didaniif in gufatu, kunis isaan irratti yaadamee ture. Isin garuu qomoo fo'amaa dha" jedha.) Yihudaan warra kudha lamaan wajjin lakkaa'amee ture, dhugumas immoo tajaajila Pheenxeqoosheen duraattii isaanii wajjin hirmaateera.

Hojii Ergamootaa 1:16-17,

*"Obbooloota nana, dibbiin macaafaa inni hafuurri qulqulluun duraan dursee afaan Daawitiin waa'ee Yihudaaf dubbate, raawwatameera; innoo warra Yesusin qabuu dhaqan dura deemee argisiise.*

*Inni nuu wajjin lakkaa'amee, hojii kanas nuu wajjin hojjechuudhaaf fuula qabatee ture."*

Qoodni ministeerummaa Yihudaan argatee booda dhabe ministeerummaa warra kudha tokkooniitii gadi hin turre, yookaanis ministeera haajaa alaa seexanaa ta'ee hojii warra kaanii gidduu seene miti.

Hojii Ergamootaa 1:25,

*"Hojiidhaaf ergaa Yihudaan irraa garagalee, gara iddoo isaaf ta'uu dhaqe kana haa fudhatuuf isaan kana lamaan keessaa isa fo'atte mul'isi' jedhanii kadhatan."*

Yihudaan, seexanni, tajaajila Hafuura Qulqulluu Waaqayyo kenne dhiise, of ajjeesees GARA IDDA AISAAL MALUU DHAQE. Maqaan isaa Macaafa Isa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman keessa iyyuu jira ture. Garuu maqaan isaa ni haqame.

Amma yaada keenya waa'ee Yihudaa kana biraa deebi'uun dura gara Kakuu Moofaatti deebinee Waaqayyo eessatti waan kana fakkaatu akka hojjete haa ilaallu. Seera Uumamaa 35:23-26 irratti, ilmaan Yaaqoob lakkoofsaan kudha lama yoo ta'an maqaan isaaniis akka armaan gadii ture: Ruuben, Leewwii, Yihudaa, Yisaakorii fi Zebuloon; Yoseefii fi Biniyaamin; Daanii fi Niftaalem; Gaadii fi Asheer jedhamu. Sanyiiwwan ilmaan kudha lamaan kanaa Yooseef isa gosa maqaa isaatiin moggaafame hin qabne irraan kan hafe gosoota Israa'el kudha lamaan ta'an, sababiin isaas, kunuunsa Waaqayyoo keessatti gosootni kudha sadii ta'uu qabu turan, ilmaan Yoseef lamaan immoo gosoota kudha lamaan gara kudha sadiitti ol



fiduuf ulfinni kennameefii ture. Leewwiin lubummaaf Waaqayyoof waan adda baafameef kun barbaachisaa akka ture beekamaadha. Kanaafuu Israa'el Gibxii keessaa ba'anii Waaqayyo godoo qulqullaa'aa lafa onaa keessatti yeroo isaaniif kenne, gosti Lewwii gosoota kudha lamaan Ruuben, Shimi'oon, Yisaakor, Yihudaa, Zebuloon, Biiniyaamin, Daan, Niftaalem, Gaad, Asheer, Efreemii fi Minaasee utuu tajaajilaa jiranii arganna. Akka Seera Lakkoofsa 10:11-28 keessatti kaa'ameetti, ajajjuun isaanii akkasitti maqaa isaanii duraa duubaan kaa'e. Yoseefis ta'e Lewwiin hin caqasamne. Mul'ata 7:4-8 yummuu ilaallu garuu, iddoo "gosoota Israa'el HUNDA keessaa kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii afurtu mallatteeffaman" jedhutti akkas jechuun maqaa waama: Yihudaa, Ruuben, Gaad, Asheer, Niftaalem, Minaasee, Shimi'oon, Lewwii, Yisaakor, Zebuloon, Yoseef, Biiniyaam. Gara gosoota kudha lamaaniitti deebinee jirra, Leewwii fi Yoseef isaan keessaatti maqaan isaanii kan waamame yoo ta'u, Daanii fi Efreem garuu haqamaniiru.

Gaaffiin amma ka'u, gosoonni lamaan kun maaliif haqamu? kan jedhu ta'a. Deebiin isaas Seera Keessa Deebii 29:16-20 keessa jira,

*"Nuyi biyya Gibxii keessa attamitti akka jiraachaa turre, attamittis saba baay'ee keessa darbinee akka dhufne isin ofii keessanii iyyuu beektu.*

*Isaan keessattis wanta ciiggaasisaa, waaqayyolii tolfamoo isaanii, warra muka irraa, dhagaa irraa hojjetaman argitaniittu.*

*Isin keessaa dhiirri yookiis dubartiin, maatiin yookiis gosi, warri garaan isaanii har'a Waaqayyo gooftaa keenya irraa garagale, dhaqanii waaqayyolii saba sanaaf akka hin hojjennetti of eeggadhaa!*

*Namni akkasii dubbii abaarsa kanaa dhaga'ee garaa isaa keessatti eebbatti hiikkatee, 'Utuman boqu-jabeessa ta'ee illee ani nagaa qaba' hin jedhin! Wanti akkasii kun lafa jiidhaa irratti, lafa gogaa irrattis badiisa in fida.*

*Waaqayyo nama akkasiiitiiif gonkumaa hin dhiisuuf, dheekkamsii fi hinaaffaan Waaqayyoo nama akkasii irratti in boba'a; abaarsi macaafa kana keessatti caafame hundinuus isa irra in ga'a; Waaqayyo maqaa nama akkasii bantii waaqaa jalaa haxaa'ee in balleessa."*

Asitti waaqa tolfamaa waaqessuutti ykn ejja hafuuraatti hirmaachuu irratti abaarsi labsameera. Gosi gara waaqeffannaa waaqa tolfamaatti garagale maqaan isaa akka haqamu kakate. Akkasitti seenaan gosoota lamaan sababa waaqeffannaa waaqa tolfamootiin maqaan isaanii haqame 1Mootota 12:25-30, irratti argama.

*"Yommus Yerobi'aam mootichi biyya gaaraa isa kan Efreem irratti Sheekemitti masaraa ijaaree, achi keessa in taa'e; achiis ka'ee dhagee Pheeni'elin in ijaare.*

*Yerobi'aam yaada isaa keessatti, 'Amma mootummaan sanyii Daawititti deebi'uu isaa ti;*

*jarri kun mana qulqullummaa keessatti aarsaa dhi'eessuudhaaf Yerusaa'elitti yoo ol ba'an, yaadni isaanii gara gooftaa isaanii Rehobiyaam mootii Yihudaatti in deebi'a; ana in ajjeesu, ofii isaaniitii immoo gara Rehobiyaam mootii Yihudaatti in deebi'u' jedhee in yaade.*

*Erga irratti mari'atee booddee jiboota lama warqee irraa tolchisiisee, jaraan, 'Yerusaa'elitti ol ba'uun isinitti in cima; yaa namoota Israa'el, waaqayyoliin keessan warri biyya Gibxii isin baasan kunoo, isaan kana' jedhe.*

*Jiboota warqee irraa tolchisiise sana isa tokko Bet'el keessa, isa kaan immoo Daan keessa in dhaabe. Namoonni jiboota sanatti sagaduudhaaf, [hama Bet'elitti], hama Daanittis waan dhaqaniif, kun cubbuu itti in ta'e."*

Hose'aa 4:17,

*"Efreem hidhata waaqayyolii tolfamanii ta'eera, itti dhiisaa!"*

Keessattuu adabbiin waaqeffannaa waaqa tolfamaa maqaan gosa sanaa, "Bantii waaqaa jalaa" haaxa'amee akka balleeffamu fiduu isaa hubadhaa. Keessa Deebii 29:20. "bantii waaqaa irraa" haxaa'amee balleeffama hin jedhu, bantii waaqaa jalaa balleeffama jedha malee. Sunis sirriitti akkuma jirutti ta'a, sababiin isaas amma Israa'el Filisxeemitti deebi'anii jiru, yeroo dhi'ootti immoo Gooftaan isaan keessaa 144,000 ni mallateessa. Lakkoofsa sana keessaa garuu Daanii fi Efreem balleeffamaniiru.

Mul'ata 7:4-8,

*"Lakkoofsa warra mallatteeffamaniis nan dhag'e; gosa ijoollee Israa'el hundumaa keessaa kumaatama dhibbaa fi kuma afurtamii afurtu mallateeffame.*

*Gosa Yihudaa keessaa kuma kudha lamatu mallateeffame; gosa Ruuben keessaa kumni kudha lama, gosa Gaadi keessaa kumni kudha lama,*

*gosa Asheer keessaa kumni kudha lama, gosa Niftaalem keessaa kumni kudha lama, gosa Minaasee keessaa kumni kudha lama,*

*gosa Shimi'oon keessaa kumni kudha lama, gosa Lewwii keessaa kumni kudha lama, gosa Yisaakor keessaa kumni kudha lama.*

*Gosa Zebuloon keessaa kumni kudha lama, gosa Yoseef keessaa kumni kudha lama, gosa Beniyaamin keessaa kumni kudha lama in mallatteefaman."*

(Hubadhaa, Daanii fi Efreem haqamaniiru.)

Amma kanaa wajjin Daani'eel 12:1 ilaalaa, innis warri kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii afurii kun yeroo mallattoo ja'affaa fi yeroo Rakkina Guddaa ykn yeroo rakkina Yaaqoob jedhamutti akka mallatteefaman agarsiisa.

*"Yommuus inni anatti dubbachaa ture, 'Yeroo sanatti Mikaa'el ergamaan inni guddichi ijoollee saba keef dhaabatu in ka'a; yeroon rakkinaas in ta'a; sanyiin rakkinichaas erga sabni jiraachuutti ka'ee jalqabee, hamma bara sanaatti argamee kan hin beekne in ta'a; sabni kee warri MAQAAN ISAANII MACAAFICHA KEESSATTI CAAFAME garuu adduma addaan isa jala in ba'u."*

Haa ta'u malee, yeroo rakkinaa kana booda, (yeroo barkumeetti,) akkuma Hisqi'eel 48:1-8, fi 22-29 irratti dubbatame, gosootni Israa'el ammas tartiiba Waaqummaatiin deebi'uu isaanii argina. Garuu, Efreemii fi Daan yeroo waaqolii tolfamootti hidhatan irraa kaasanii du'an, gosoonni kun sana booda beekamtii hin qaban. Amma erga Yerusaalem diigamtee as galmeen gosoota hundumaa akka bade nan beeka, kanaafuu namni tokko gosa kam irraa akka dhufe qabatamaatti hin beeku, WAAQAYYO GARUU BEEKA. Waaqayyo guddaan inni Israa'eliin gara Filisxeemitti deebisaa jiru gosa kam irraa akka dhufan sirriitti beeka, namoota hundumaa keessaa kanneen walitti qaban kuma dhibba tokkoo fi kuma afurtamii afuranii keessa Efreemii fi Daan hin jiraatan.

Gosoonni Israa'el kunoo ti. Hisqi'eel 48:1-8 fi 22-29.

Hisqi'eel 48:1-8,

*"Maqaan gosoota sanaas kanatti aanee jira; 'Gosi Daan ga'aa tokko argata; daariin isaas karaa dhuma gara bitaa galaana irraa ka'ee harka karaa gara Hetloon dhaqu irra hamma karra Haamaatitti, darbees hamma Hazar-Eronitti; karaa daarii Damaasqoo immoo Haamaatiin gara bitaatti hambisee, gara ba'a-biiftuutii ka'ee hamma lixa-biiftuutti.*

*Daarii Daanitti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Asheer ga'aa tokko argata.*

*Daarii Asheeritti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutti, gosi Niftaalem ga'aa tokko argata.*

*Daarii Niftaalemitti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii jalqabee hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Minaasee ga'aa tokko argata.*

*Daarii Minaaseetti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii jalqabee hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Efreem ga'aa tokko argata.*

*Daarii Efreemitti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii jalqabee hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Ruuben ga'aa tokko argata.*

*Daarii Ruubenitti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii jalqabee hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Yihudaa ga'aa tokko argata.*

*Daarii Yihudaatti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii jalqabee hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti kan jiru immoo..."*

*"Qabeenya warra Lewwootaa fi kan warra mandarattii qabeenya isa kan guddaa biyyaa sana gidduutti argama; ga'aan guddaa biyyaas daarii Yihudaa fi daarii Beniyaamin gidduutti argama.*

*Gosi warri hafan immoo, gosi Beniyaamin cinaacha gara ba'a-biiftuutii hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti ga'aa tokko argata.*

*Daarii Beniyaaminitti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Shimi'oon ga'aa tokko argata.*

*Daarii Shimi'oonitti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Yisaakor ga'aa tokko argata.*

*Daarii Yisaakoritti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Zebuloon ga'aa tokko argata.*

*Daarii Zebuloonitti aanee cinaacha gara ba'a-biiftuutii hamma cinaacha gara lixa-biiftuutti, gosi Gaadii ga'aa tokko argata.*

*Daarii Gaaditti aanee gara harka mirgaatiin..."*

Fakkeenyi biraa fudhachuu dandeenyu seenaa Israa'el Gibxii ba'anii gara biyya Kana'aanitti galanaatii. Kaayyoon Waaqayyoo bara kana keessatti Israa'eliin BAASUU fi GALCHUU ture, dhumarrattis akka Isaaf hojjetaniif. Akkasitti yommuu Gibxii ba'an HUNDI isaanii dhiiga hoolaa faasikaa jala darbaniiru; HUNDI isaanii cuuphaa bishaanii Galaana Diimaa keessa darbaniiru; HUNDI isaanii dinqii gurguddaa sanatti gammadaniiru; HUNDI isaanii mannaa nyaataniiru; HUNDI isaanii bishaan kattichaa dhuganiiru; akkasumas eebbaa fi mul'ina kennaa Hafuuraattii HUNDI isaanii wal qaixa hirmaataniiru. Garuu yeroo gara warra Mo'aab dhufanitti warri ayyaana Ba'aal-Phee'or irratti hirmaatan hundi isaanii ni du'an. Reefferi isaanii lafa onaa keessa guute, sababiin isaas achitti sagalee Waaqayyoo dhaga'uu didanii irraa galagalan. Egaa waa'ee kanaa dubbatu Ibrootni 6:1-9 ti, kanas of eeggannoodhaan bara Phergamoon keessatti ilaalleerra. Sagalicha keessaa kutaa tokko qofa fudhattanii fiiguu hin dandeessan, Sagalicha HUNDUMAA fudhachuu qabdu malee. Namoonni waan Waaqayyoo keessatti waan dhibbaa dhibba hirmaatan fakkaatan jiru. Egaa isaan warra akka Yihudaa ti. Yihudaan nama akkamii akka ture Yesuus malee namni tokko illee sirriitti hin beeku ture. Kanaafuu Yihudaan waanuma Israa'el Ba'aal Phee'oritti hojjete hojjete. Inni humnoota wayinii sobaa wajjin walitti dabalammu akka qabu murteesse—jaarmiyaa maallaqaa, siyaasa mormituu Sagalichaa, amantii mormituu Kiristoositti dabalamuuf morteesse. Ni gowwomfame! Warri kudha tokkoo hafan hin gowwomfamne, isaan warra fo'aman keessaa waan ta'aniif gowwomfamu hin dandeenye. Kanaaf Yihudaan yeroo ba'ee Gooftaa dabarsee kennetti maqaan isaa Macaafa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman irraa haqame. (Mul'ata 22:19).

Amma warri maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa keessa ture akka Dhugaa (Sagalichaa)tti waaqeffachuu baatanis, qaama sirna amantii guyyaa sanaa kan Waaqayyoo dhugaa fi waaqeffannaa Isaa giddu galeessa godhatee ta'uu isaanii akka hubattan nan abdadha. Isaan akkuma Yihudaa hamma dhumaatti duukaa hin buune. Waaqayyoo Yihudaa attam akka fo'ate ilaalaa. Dhugaadhaan qajeelfamee ture. Beekumsa dhoksa irraa qooddateera. Tajaajilli aangoo isaaf kennameera, dhukkubsattoota fayyiseera, Maqaa Yesusiin seexanootas baasaa ture. Garuu yeroon qoramanii ilaalamuu yeroo ga'etti warqee fi aangoo siyaasaatti of gurgure. Inni Hafuura Waaqayyoo fudhachuuf gara ayyaana Pheenxeqosxeetti ol hin baane. Inni Hafuura Qulqulluu irraa bilisa ture. Waa'ee isaa hin dogoggorinaa, namni dhuguma Hafuura Qulqulluudhaan gara dhagna Kiristoositti cuuphame guutummaa Hafuurichaa fudhachuudhaan KARAA HUNDUMAAN SAGALICHA keessa ta'a. Sunis ragaa Hafuura Qulqulluun cuuphamuu ti. Yihudaan ni kufe. Tuutni sonaan baay'een achumatti kufa. Sagalicha keessatti jiraachuu itti fufuu fufuu dhaabani yeroo gananittis maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa irraa ni haqama.

Maqaan tokko Macaafa Jireenyaa keessaa baafamuu kana caalaatti ifa gochuuf yaada keenya gara Israa'eloota bara Museetti babal'isuu qabna.

Seera Ba'uu 32:30-34,

*"Borumtaa Museen saba sanaan, 'Isin cubbuu guddaa hojjetaniittu, kanaaf ani tulluu irratti gara Waaqayyooitti ol nan ba'a, cubbuu keessaniifis tarii nan araarsa' jedhe.*

*Museen gara gooftichaatti deebi'ee, 'Amma sabni kun cubbuu guddaa hojjeteera, warqee irraas waaqayyoo tolfamaa godhateera.*

*Ammas fedha kee yoo ta'e maaloo cubbuu isaanii dhiisiif! Yoo dhiisuufii dhaabaatte immoo Macaafa kee isa keessatti na caafte sana keessaa ana balleessi!' jedhe.*

*Waaqayyoo deebisee Museedhaan, 'Isa na duratti cubbuu hojjete duwwaa macaafa koo keessaa nan balleessa;*

*amma dhaqii saba sana iddoo ani sitti hime sanatti geessi! Kunoo ergamaan koo si dura in adeema; yeroon isaan adabu yommuu ga'u cubbuu isaaniitiif jedhee isaan nan adaba' jedhe."*

Maqaaleen Macaafa Jireenyaa keessa akka turnii fi booda akka irraa haqaman ifaa dha. Iddoo murteessaa kanatti sababiin haqamuu maqaa isaanii waaqa tolfamaa waaqeffachuu isaanii ti, akkuma yeroo Daanii fi Efreem jabboota warqee irraa tolfame waaqeffachuu isaaniitiin mirga akka gosaatti qaban dhabanii ti. Warri waaqolii tolfamootti sagadan hundi maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa keessaa akka haqamu taasifame.

Israa'eloonni utubaa ibiddaa keessatti geggeessummaa Waaqayyoo gananii gara jabboota warqee waaqeffachuutti yeroo garagalan maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa keessaa haqame. Ba'uu 32:33. (*Isa*

*na duratti cubbuu hojjete duwwaa macaafa koo keessaa nan balleessa.*) Gara waaqa tolfamaatti garagaluun akkasii adabbii maqaa Macaafa Jireenyaa keessaa balleessuu kan fidu erga ta'ee, Yesuus Kiristoosiin akka Masihiitti fudhachuu diduu isheef adabbiin Israa'elitti dhufu attam guddaa ta'uuf akka jiru mirkanaa'aadha.

Faarfannaa 69 salphina Yesuus irra ga'e ilaalchisee lakkoofsa 21-28 keessatti akkas jedha.

Faarfannaa boqonnaa 69 irratti kan Yesuusiin salphisuu isaanii ibsu lakkoofsa 21-28 irratti akkas jedha,

*"Hadhaa akkan nyaadhuuf anaaf kennan, dhugaatii dhangaggaa'es dheebuuf akka ani dhuguuf anatti hiixatan.*

*Buddeenni maaddii isaanii irraa isaan haa qabu, warri nagaadhaan walii wajjin taa'anis kiyyootti haa galan!*

*Akka isaan hin arginetti iji isaanii haa jaamu; yeroo hundumaa mudhiin isaanii akka hin jabaanne godhi!*

*Dheekkamsa kee isaan irratti roobsi, aariin kee inni boba'aanis isaan haa qaqqabu.*

*Buufanni isaanii haa onu, godoo isaanii keessas namni hin jiraatin!*

*Isaanoo isa ati reebde in ari'atu, waa'ee dhiphina namicha ati madeessitees in haasa'u.*

*Yakka isaanii irratti yakka akka dabalataniif isaan dhiisi, gara qajeelummaa keetti isaan hin fidin! Macaafa warri jiraatoon itti caafaman keessaa maqaan isaanii haa balleeffamu, isaan warra qajeelotaa wajjin hin caafamin!"*

Yeroo Yihudoonni Yesuus ganan ifaan ifatti Waaqayyo isaan irraa gara warra Yihudoota hin ta'iniitti garagalaa ture.

Hojii Ergamootaa 13:46-48,

*"Phaawuloosii fi Baarnaabaas garuu caalchisanii ija jabinaan dubbatanii, 'Dubbiin Waaqayyoo dura isin saba Israa'elitti himamuun in barbaachisa ture. Amma garuu erga fudhachuu diddani, jireenya bara baraatti galuudhaafis 'warra hin mallee dha' erga ofiin jettanii, nuyi gara saba warra kaanii dhaquu keenya.*

*Gooftaan akkasuma, 'Ani saba koo warra hin ta'iniif ibsaa, biyya lafaa hundumaafis fayyisaa akka taatuuf si kenneera' jedhee nu abboomeera' jedhan.*

*Saba Waaqayyoo warri hin ta'in kana dhaga'anii gammadan; dubbii Waaqayyoos in jajan; warri mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf yaadataman hundinuu amantiota ta'an."*

Kun kana booda gosoota Israa'el keessaa maqaaleen Macaafa Jireenyaa keessatti hafan hin jiraatan jechuu miti, sababiin isaas baay'een isaanii (garuu sonaan baay'ee miti) karaa seera bu'uuraa fo'annaa bara Waldaa Warra Yihudoota Hin Ta'iii keessa gara dhagna Yesuus Kiristoositti dhufu waan ta'eef, kunis maqaan isaanii dhuguma Macaafa Jireenyaa keessatti akka hafe agarsiisa. Akkasumas akkuma agarsiisuuf jirutti akka mallatteeffamuu shanaffaatti Gooftaan Yihudoota wareegaman sonaan baay'eedhaaf uffata adii fi jireenya bara baraa isaaniif in kenna. Akkasumas warri kuma dhibbaa fi kuma afurtamii afurii dhufaatii Isaa irratti ni mallatteeffamu, kunis maqaan isaaniis akka hin haqamne mirkaneessa. Garuu akkuma Faarfannaa 69 irratti ifatti ibsametti, maqaan warra hamoo yookaan maqaan jal'oota Kiristoosiin fudhachuu didanii fi warra saba Isaa balleessanii ni haqama.

Akkuma Israa'elonni (sabni Waaqayyo fo'ate) harki caalaan Yesuusiin ganuudhaan mirga Macaafa Jireenyaa keessatti qaban dhaban, waldaan warra Yihudoota Hin Ta'inii harki caalaanis Sagalicha gananii bifa fakkeenya bineensichaaf dhaabamee kan ta'e sochii ikumeenikaalii addunyaatti seenuu isaaniitiin maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa keessaa waan haqamuuf isaanitti in faradama.

Asitti qabxiin biraa ilaaluu qabnu jira. Murtii guddaa Teessoo Adii keessatti namoonni gargar in fo'amu. Macaafni warri jireenya argachuuf jiran itti caafaman ni banama, macaafni biraas ni bamana.

Maatewos 25:31-46,

*"Yesus ammoo, 'Ilmi namaa ulfina isaatiin, ergamoonni Waaqayyoos hundinuu isaa wajjin in dhufu; Yommus inni teessoo ulfina isaatii irra in taa'a.*

*Yommus namoonni biyya lafaa hundinuu fuula isaa duratti walitti ni qabamu; tikseen, hoolota re'ootattii akka gargara fo'u, innis namoota sana gargar in fo'a.*

*Warra hoolotatti fakkeeffaman gara mirga isaa, warra re'ootatti fakkeeffamanis gara*

*bitaa isaa in dhaaba.*

*Ergasii mootichi warra mirga isaa jiraniin, 'Isin yaa warra abbaa kootiin eebbifamtanii, kottaa! Mootummaa isaa isa uumama biyya lafaatii jalqabee isiniif qophaa'etti galaa!*

*Beela'een ture, nyaata anaaf kennitaniittu; dheebodheen ture, dheebuu na baaftaniittu; orman ture, akka nama keessaniitti na simattaniittu.*

*Qullaa koo ta'een ture; daara na baafattaniittu; hidhameen ture gara koo dhuftaniittu' jedhe.*

*Ergasii warri qajeelonni deebisanii, 'Gooftaa! Yoom beela'uu kee arginee, nyaata siif kennine? Yookiis yoom dheechoo kee arginee, dheebuu si baafne?*

*Yoom orma ta'uu kee arginee, akka nama keenyaatti si simanne? Yookiis yoom qullaa ta'uu kee arginee, daara si baafne?*

*Yoom dhukkubsachuu kee yookiis hidhamuu kee arginee, gara kee dhufne?' jedhaniin.*

*Mootichi immoo deebisee, 'Ani dhuguman isinitti hima, obboloota koo warra hundumaa irra gad deebi'an kana keessaa isa tokkoof hammi isin gootan, anaaf gaaotan' isaaniin jedhe.*

*Ergasii mootichi namoota bitaa isaa jiraniin, 'Isin abaaramoo nana, na biraa adeemaa! Gara ibidda bara baraa isa Seexanaa fi ergamoota Seexanaatiif qophaa'e dhaqaa! Anis beela'een ture, isin nyaata anaaf hin kennine; dheebodheen ture, isin dheebuu ana hin baafne.*

*Orman ture, isin akka nama keessaniitti ana hin simne; qullaa koo ta'een ture, isinis daara ana hin baafne; dhukkubsadheen ture, hidhameen tures, isinis ana hin dubbifne' in jedha.*

*Isaanis deebisanii, 'Gooftaa! Yoom beela'uu kee, dheechoo kee, orma ta'uu kee, qullaa ta'uu kee, dhukkubsachuu kee yookiis hidhamuu kee arginee, siif hojjechuu dhiifne?' jedhanii in gaafatu.*

*Yommus mootichi deebisee, 'Ani dhuguman isinitti hima, warra hundumaa irra gad deebi'an kana keessaa isa tokkoof kan hin godhin anaafis hin goone' isaaniin jedhe.*

*Isaan gara adaba bara baraa, warri qajeelonni garuu gara jireenya bara baraa in dhaqu' jedhe."*

Mul'ata 20:11-15,

*"Kana booddee teessoo adii guddaa tokkoo fi isa teessicha irra taa'e nan arge; laftii fi waaqni fuula isaa duraa in baqatan, iddoonis isaaniif hin argamne.*

*Warra du'anis xinnaa fi guddaa teessicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafonni in banaman; Macaafni biraa, inni warri jireenya argachuuf jiran itti caafaman tokkos in baname; warri du'an immoo akka hojii dur hojjetaniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan.*

*Galaanni warra du'anii isa keessa turan of keessaa baasee in kenne. Duunii fi mootummaan warra du'aniis, warra du'anii isaan harka turan of harkaa baasanii in kennan; namni hundinuu adduma addaan akka hojii isaatiitti firdii in argate.*

*Kana booddees duunii fi mootummaan warra du'anii kuufama ibiddaatti gad in darbataman; kuufamni ibiddaa kun du'a isa lammaffaa dha.*

*Namni maqaan isaa macaafa isa warra jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis, kuufama ibiddaatti gad in darbatame."*

Firdii kana keessatti qajeelotas ta'e jal'oonni ni hirmaatu. Akkas jedha waan ta'eef. FIRDII KENNUU KEESSATTI MISIRROON ISAA WAJJIN WAAN TEESUUUF WARRI QAJEELONNI KUN MISIRROO MITI.

1Qorontos 6:2-3,

*"Warri Waaqayyoo qulqullaa'an biyya lafaatti akka faradan isin hin beektanii ree? Isin biyya lafaatti in faraddu erga ta'ee immoo, dubbii xixinnaa ilaaluudhaaf hin taatanii ree?*

*Nuyi ergamoota Waaqayyoootti faraduuf akka jirru hin beektanii? Hammam caalaa dhimma jireenya biyya lafaatti hin farannu ree!"*

Mul'ta 3:21,

*"Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf."*

Ilaalaa, Misirroon Isaa wajjin teessoo irra teessi. Yummus biyya lafaatti waan faradduuf firdii kennuuf Isaa wajjin taa'uu qabdi. Wanti Daani'eel arges sirriitti kanuma.

Daani'eel 7:9-10,

*"Itti fufees, "Mul'ata ani arge keessatti teessonni kaa'amanii, inni bara baay'ee dheeraa jiraate tokko teessoo irra taa'e; uffanni isaa adii calaqqisaa dha, rifeensi mataa isaas akka jirbii hiddamaa in addaata; teessoon isaa akka arraba ibiddaa ti, miilli teessoo isaa inni geengoon akka ibidda boba'uu ti;*

*yaa'aan ibiddaa isa duraa ba'ee in yaa'a; warri kuma kumaatamatti lakkaa'aman isaaf in hojjetu, warri miliyoonii baay'eetti lakkaa'amanis isa dura in dhaabatu; abboonni firdii in taa'an, caaffatoonni duraan caafamanii jiranis in banaman."*

Ilaalaa, mul'ata wal fakkaataa dha, warri kuma kumaatamatti lakkaa'aman kanneen Isaaf hojjetaa jiran misirroo waan ta'aniif, haadha manaa malee eenyutu abbaa manaatiif hojjetaa ree?

Gaaffiin amma ka'uu malu, warri qajeelonni kun maaliif firdichati dhi'aatu? kan jedhu ta'a. Iddoon isaan itti dhi'aachuu danda'an kan biraan hin jiru, sababiin isaas du'aa ka'uu lama qofatu jira waan ta'eef du'aa ka'uu isa jalqabaatiif ulaagaa guutuu waan hin dandeenyeef isa lammaffaa keessatti hirmaachuu qabu, innis du'aa ka'uu firdiitti dhi'aachuu ti. Warri ulaagaa du'aa ka'uu isa jalqabaa guutan (misirroon) firdiitti hin dhi'aatan. Yohaannis 5:24, *"Dhuguma dhuguman isinitti hima, dubbii koo dhaga'ee isa ana ergetti kan amanu jireenya bara baraa qaba* (kunis, namni amanu ammumaanuu hirmaattuu jireenya bara baraa ti, ammuma iyyuu isa of harkaa qaba); *inni du'a keessaa gara jireenyaatti darbee* (dhaabbiidhaan) *malee, gara firdii hin dhaqu* (firdiitti hin dhi'aatu kan jedhu hiika sirrii isaati). Garuu sirriitti hubadhaa, Yesuus garee biraa kanneen guyyaa du'aa ka'uu murtooftuu tokkotti jireenya bara baraa argatan akka qabu yaada keessaa qaba. Isaan guyyaa du'aa ka'uu sanatti isa fudhatu, isaan AKKA MISEENSA MISIRROOTTI DURAA DURSANII ISA ARGATAN MITI.

Yohaannis 5:28-29,

*"Waa'ee kanaa hin dinqifatinaa; warri du'anii awwaalaman sagalee isaa yeroon itti dhaga'an in dhufa.*

*Isaan awwaala keessaa in ba'u, warri waan gaarii hojjetan jireenya argachuudhaaf in ka'u, warri waan hamaa hojjetan immoo firdiitti dhi'aachuudhaaf in ka'u.*

Amma hundi keenya akkuma beeknu Yohaannis 5:28-29 OL BUTAMUU MITI sababiin isaas yeroo sanatti warra Kiristoos keessa utuu jiranii du'an qofaatu Misirroo lubbuun lafaarra jirtuu wajjin ol ba'uuf ka'a waan ta'eef.

1Tasalooniiquee 4:16-17,

*"Sagalee guddisee nama abboomu, sagaleen angafa ergamootaa in dhaga'ama, malakkanni Waaqayyoos in afuufama. Kana hundumaa wajjin gooftaan waaqa irraa gad in bu'a; warri Kristositti amananii du'an dura in kaafamu.*

*Kana booddee nuyi warri utuu hin du'in hafne immoo, isaanumaa wajjin qilleensa keessatti gooftaa simachuudhaaf duumessa keessa ol in butamna; ergasii yeroo hundumaa gooftaa bira in jiraanna."*

Yohaannis 5:28-29 keessatti garuu WARRI DU'AN HUNDI awwaala keessaa ba'uuf akka jiran dubbata. Kun du'aa ka'uu isa Mul'ata 20:11-15 keessatti dubbatamee yoo ta'u, WARRI DU'AN fuula Gooftaa duratti dhi'aatanii akka hojii isaaniitti itti faradame, warri maqaan isaanii Macaafa Warri Jireenya Argachuuf Jiran Keessatti Caafaman irra hin jirre hundinuu yummus gara haroo ibiddaatti darbataman.

Namni tokko Hafuura Kiristoos yoo qabaachuu dhaabaate akka badu Ergaalee keessatti jala muramee waan ibsame waan fakkaatuuf, maaliif guyyaa firdiitti jireenyi bara baraa (eternal life) isaaniif kennamuu qaba gaaffiin jedhu amma nu mudata. Akkas yoo fakkaate iyyuu, dubbii Yesuus isa du'aa ka'uu waliigalaa dura yookaan booda jireenya bara baraa namoonni argatan Macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti akka argaman ifaan ifatti kaa'u gatii dhabsiisuu hin qabnu.

Phaawulos Filiphisiyyus 3:11 irratti hunda caalaatti ibsee waan dubbatuuf, dhugaa kana hin dabsine.

*"Warra du'an keessaa kaafamuu biras nan ga'a jedheen aggaama."*

Amma yaadni hima kanaa waan hunda caalaa ajaa'ibsiisaati. Jaallannus jibbinus HUNDI KEENYA du'aa ka'uutti akka hirmaachuuf jirru hundi keenya ni beekna. Hunduu du'aa in kaafama. Kanaafuu Phaawulos gonkumaa, "Warra du'an keessaa kaafamuu biras nan ga'a jedheen AGGAAMA" jechuu hin danda'u. Dhugaan dubbii kanaa, inni akkas jechaa hin jiru. Dubbifamni kun jecha jechaatti, "warra du'aa kaafamuutti hirmaatan keessaa hafuu' bira ga'uuf nan aggaama" kan jedhudha. Kunis du'aa ka'uu waliigalaa ykn lammaffaa bira ga'uu utuu hin ta'in, du'aa ka'uu isa jalqabaa bira ga'uudha, waa'ee kanaatiifis akkas jedhame, "Namni du'aa ka'uu isa duraa kana keessaa qooda qabu attam gammada! Attam Waaqayyooof kan qulqullaa'ee dha! Duunni lammaffaan warra akkasii irratti humna hin qabu; isaanoo luboota Waaqayyoo, luboota Kiristosis ta'anii, isaa wajjin waggaa kuma tokkoof mo'uuf jiru." Du'aa ka'uun inni jalqabaa du'a lammaffaa wajjin walitti dhufeenya tokkollee hin qabu. Du'aa ka'uu lammaffaan dhuma waggaa kuma tokkoo yeroo warra du'an keessaa kan hin ka'in hafan HUNDI deebifamanii jiraachifamanii ti. Guyyaa sanattis warri gara jireenya bara baraatti galan ni jiraatu, warri du'a lammaffaa keessatti qabamanis ni jiraatu. Amma warra du'aa ka'uu lammaffaa keessatti jireenya argatanii tilmaamuun nu hin barbaachisu. Innis gaarummaa fi arjummaa isaan "Obbolootatti" agarsisiisan irratti hundaa'ee akka isaaniif kenname nutti himameera. Warri du'aa ka'anii kuufama ibiddaatti darbataman sababa waan hamaa "Obboloota" irratti raawwataniif sanaaf saaxilamu. Kun Dubbii Waaqayyoo waan ta'eef salphaadhumaatti fudhanna. Asitti wal falmiin hin jiraatu, kun ibsa salphaa hima dhugaa ti.

Caalaatti akka ifa ta'uuf dubbii Maatewos 25:31-46 keessatti dubbatame addatti hubadhaa. Tikseen hoolota re'ootattii gar gar fo'a hin jedhu jechaa jechatti, AKKA tikseetti hoolota re'ootattii gar gar fo'a jedha malee. Isaan kun naannoo yeroo (Firdii Teessoo Adii) murtaa'aa kana keessatti hoolota miti. Hoolonni mooraa Isaa keessa jiru, isaan sagalee (Dubbii) isaa dhaga'anii Isa duukaa bu'an. ISAAN DURAAAN JIREENYA BARA BARAA WAAN QABANIIF FIRDIITTI DHI'AACHUU HIN DANDA'AN. isaan kun GARUU jireenya bara baraa HIN qaban, kanaafis firdiitti ni dhi'aatu. Isaan hayyama jireenya bara baraatti GALUU ni argatu. Garuu bu'uura akkamii irratti hundaa'anii gara jireenya bara baraatti galu? Dhugumatti akka misirroo jireenya Isaa duraan qabaachuu isaaniitiif utuu hin ta'in, obboloota Isaatiif gaarummaa qabaachaa turuu isaaniitiif ni argatu. Isaan obboloota Isaa miti: sun Yesuusii wajjin dhaaltota akka ta'an isaan taasisa. Isaan jireenya irraa kan hafe dhaaltota waan biraa MITI. Teessoo fi kkf Isaa wajjin hin qoodatan. SANA ARGACHUUF MAQAAN ISAANII MACAFA JIREENYA KEESSATTI HAFUU QABA MALEE HAQAMUU HIN QABU TARE. Amma jaalala saba Waaqayyooof qaban irraa kan ka'e beekamtiin isaaniif kennameera, fayyaniirus. Isaan kun warra ijoollee Waaqayyoo tajaajilanii fi gargaaran akka ta'an nama hin shakkisiisu. Tarii akkuma Niqoodimoosii fi Gamali'eel yeroo rakkinaatti warra ijoollee Isaaf dhaabban ta'uu hin oolan.

Kun "iddootti deebisanii dhaabuu" kan tuqu yoo fakkaate, amma of eeggannoodhaan faana bu'aa, sababiin isaas jal'oonni iddootti deebifamanii HIN dhaabaman, gara kuufama ibiddaatti darbatamu malee. Maqaan namoota balleeffamanii hedduunis Macaafa Jireenyaa keessas ture; saba Waaqayyoo warra bara isaaniitti Sagalee jiraataa bakkeetti ba'ee mul'ate (ergaalee lubbuu qaban) ta'aniif ulfina kennuu waan didaniif achi keessaa haqame malee.

Amma asitti sirriitti ifa haa goonu. Isaan kun saboota fidiitti dhi'aatanii sababa Yihudootaaf da'oo ta'aanii fi isaan gargaaraniif gara waggaa kuma tokko jiraachuutti seenan miti. Sunis sababa xumura lakkoofsota kanaa irraa kan ka'e baay'ee ifaadha. "Isaan (warri hamoon) gara adaba bara baraa ykn everlasting punishment (gara kuufama ibiddaa), warri qajeelonni garuu gara jireenya bara baraa ykn everlasting life in dhaqu." Jal'oonni gara haroo ibiddaatti iddoo darbatamanitti firdiin LAMA kan jedhu ragaan galmaa'e hin jiru. Dhuma rakkina guddaa irratti kan itti faradamu bineensichaa fi raajii sobduu qofaa dha. Lakki, kun firdii Teessoo Adiiti, akkataa macaafota keessatti barreeffameettis isaanitti in faradama.

"Lubbuuwan iddoo aarsaa jala jiran" yeroo mallattoo inni shanaffaan banametti kan mul'isu du'aa ka'uu isa lammaffaa yummuu ta'u (Mul'ata 6:9-11) uffata adaadiitu isaaniif kenname, innis jireenyi bara baraa (eternal life) akka ta'e beekamaadha, uffanni adii kanaa ala homaa hin argisiisu.

*"Yeroo hoolichi mallattoo isa shanaffaa bane immoo, ani iddoo aarsaa jalatti lubbuu warra dubbii Waaqayyootiif, wanta dhugaa ba'aa turanitti jabaachuu isaaniitiifis jedhanii qalamanii nan arge.*

*Isaan sagalee guddaadhaan iyyanii, 'Yaa gooftaa guddaa, qulqulluu fi dhuga-qabeessaa! Warra lafa irra jiraatanitti 'nuuf faraddee hamma dhiiga keenyaaf gumaa nuuf baaftutti hammam tura?' jedhan.*

*Yommus adduma addaan uffanni adaadiin isaaniif kenname, obboloonni isaanii, hojii Waaqayyoo keessatti hadhati isaanii, warri akkuma isaanii ajjeefamuuf jiran hamma raawwatanii gumaa'anitti, yeroo xinnoo dabalani akka aara galfatan isaanitti himame."*

Amma keessumaa lubbuuwan iddoo aarsaa jala jiran kana keessaa namni dhugaa baatuu Yesuus

ta'uu isaatiif ajjeefame tokko illee akka hin jirre hubadhaa. Isaan akka Antiphaas Maqaa Isaa jabeessanii qabachuu isaaniitiif ajjeefaman miti. Isaan kun warra lammata dhalatan miti, warra jireenya bara baraa qabeenya isaanii godhatan miti. Isaan warra du'aa ka'uu keessatti ol ba'anii sababa ejjennoo Dubbicha irratti qabaataa turaniif jireenya bara baraa argatanidha. Gumaan isaanii akka ba'uuf isaan kun attam sagalee ol fudhatanii akka iyyaa jiran hubadhaa. Isaan qaama misirroo ta'uu hin danda'an. Misirroon fuula mirgaa yummuu kabalan isa bitaa itti qabaa, "Yaa Abbaa, isaan waan godhan hin beekanii, isaaniif dhiisi" jettee iyyiti. Isaan kun Yihudoota. Mallattoo shanaffaa keessa waan jiraniif kun isaan ta'uu qaba, misirroon warra Yihudoota hin ta'inii banamii mallattoo afuraffaa keessati ol butamte. Kanaafuu Yihudoonni kun Hafuura Isaa irraa hin dhalanne. Isaan Yesuus Masihicha ta'uu Isaa iyyuu hin amanan. Garuu Waaqayyo akkuma warra Yihudoota hin ta'iniif jedhee garaa isaanii jabeessetti, Waaqayyo gara Isaa dhufuu yoo didan iyyuu, bu'uura Sagalee Isaa hamma beekan hundumaaf dhugaadhaan amanamoo ta'uu isaaniitiin, akkuma tuutni sonaan baay'een Hitler, Istaaliinii fi kkf jalatti du'anii fi sichis du'uuf jiraniitti du'an irratti hundaa'ee jireenya bara baraa isaaniif kenne.

Durboonni gowwoonni shanan kan itti ol ba'an du'aa ka'uu lammaffaa keessatti. Isaan durboota akka turan hubadhaa. Hafuura qulqulluu waan hin qabneef misirroo keessatti hammatamuu dhaban, warri ogeessonni shanan dhadhaa ejersaa qaban ammoo qaama misirroo sanaa ta'an. Garuu namoonni kun, saba adda ba'e, saba Waaqayyoon jaallatu, hamma beekanitti saba Dubbicha keessa jiraachuuf carraaqu, hojii Gooftaa keessatti gargaaraa ta'uu ta'uu isaaniitiifis dhuma yeroo irratti ni dhi'aatu. Isaan bara waggaa kumaa ni dhabu, kunis dhugaawwan kanaan arguu jalqabuu dandeessan kan nuti yaadne ykn amanne caalaa baay'ee barbaachisaa fi ajaa'ibaa dha.

Namoonni kun hundinuu maqaa isaanii Macaafa Jireenyaa keessaa qabu turan, maqaan isaanii kunis utuu hin haqamin hafe. Maqaan haqame garuu kan eenyuu fa'i? Warri waldoota sirna biyya lafaa keessaa warri misirroo lolan warra maqaan isaanii irraa buqqa'u ta'a. Warri jireenya dhaban isaan kana. Isaan gara kuufama ibiddaatti ni gatamu.

Amma tarkaanfii biraatti haa ceenu, osoo hin ce'in dura garuu waan hanga ammaatti ilaalaa turre gabaabinaan irra haa deebinu. Duraan dursinee kaayyoon Waaqayyoo fo'annaa keessa cimee akka dhaabbatu sirriitti beekna. Ofii isaa keessatti kaayyoo qaba ture. Saba akka Isaa kan Misirroo Dubbii ta'u baasuun kaayyoo Waaqayyoo ture. Isheen uumamuu biyya lafaa dura ISA KEESSATTI fo'amte. Isheen baroota lafa irra turan keessatti osoo hin dhalatin dura iyyuu dursitee kan beekamtuu fi jaallatamtuu turte. Isheen dhiiga Isaatiin waan furamteef gonkumaa gara firdii dhaquu HIN DANDADEESSU. Cubbuun ishee irratti lakkaa'amuu waan hin dandeenyeef gonkumaa firdiitti dhi'aachuu hin dandeessu.

Roomaa 4:8,

*"Namni gooftichi cubbuu isaa itti hin lakkoofne haa gammadu."*

Dhuguma garuu teessoo firdii Isaa irratti Isa waliin taatee biyya lafaatti, ergamootatti iyyuu ni faraddi. Maqaan ishee (tokkoon tokkoon miseensota ishee) uumamuu biyya lafaa dura kutaa Macaafa Jireenyaa Hoolichaa keessatti barreeffame. Lammaffaa, gita biraatu jira. Maqaan isaaniis Macaafa Jireenyaa keessa waan jiruuf du'aa ka'uu lammaffaa irratti ol ni ba'u. Isaan kun durboota gowwaa fi warra qajeelota akka Maatewos 25 keessaa ti. Kana malees warri bineensicha hin waaqeffanne ykn sirna mormituu Kiristoos keessa hin seenin warri sababa lammata hin dhalatin hafaniif misirroo keessatti hin hammatamin hafanii garuu amantii isaaniif jedhanii du'an gita kana keessa jiru. Isaan kun du'aa ka'uu isa lammaffaatti ol ba'anii gara jireenya bara baraatti ni seenu. Sadaffaa, kiristaanonni daangaa irra jiran kanneen warra Israa'elota Gibxii keessaa ba'an keessatti arginee ni jiru. Isaan kun warra maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa keessatti caafame, hojiin isaaniis macaafota kan biraa keessatti caafamedha. Isaan kun Waaqayyoof abboomamuu diduu isaanii fi Hafuuricha irraa bilisa ta'uu isaaniitiin, milikkinnii fi dinqiiwwan illee isaan keessaa yoo jiraatan iyyuu, maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa irraa ni haqama. Garee kana keessaa kanneen akka Yihudaa guutummaatti Hafuuricha irraa bilisa yoo ta'an iyyuu garuu nama amantii ta'an, jireenya isaanii keessatti mul'ina kennaa hafuuraa kan qabaatan, macaafota irratti caafamanis warra ISA KEESSATTI fo'aman ta'intu argamu. Kan akka Bala'aamis garee sana keessatti argamu. Afraffaa fi inni dhuma gita warra maqaan isaanii macaafota irratti gonkumaa barreeffamee hin beekne ykn sichis gonkumaa hin barreeffamnee ti.

Kanneen akkasii Mul'ata 13:8 fi Mul'ata 17:8 keessatti argamu.

*"Warra lafa irra jiraatan keessaa, uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee, isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman irratti hin argamne hundinuu bineensichaaf sagaduuf jiru."*

*"Bineensi ati argite sun, takka jiraataa ture, amma immoo hin jiru; iddoo lafa jalaa keessaa ol ba'uuf jira, booddee immoo gara badiisaa in dhaqa. Sababii inni takka jiraataa turee, amma immoo hin jirreef, deebi'ee immoo argamuuf jiruuf, warri biyya lafaa irra jiraatan, warri uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa warra jireenya argachuuf jirani keessatti hin caafamin, bineensicha arganii raajeffachuuf jiru."*



Yesuus gareen murtaa'e tokko nama maqaa ofii isaatiin dhufu akka simatu dubbateera. Inni maqaa ofii isaatiin dhufu sun mormituu Kristosi dha. Mul'ata 13:8 fi 17:8 keessatti waa'ee isaanii sirriitti dubbata. Isaan kun Waaqayyoon kan muudaman malee fo'amuuf miti. Garee kana keessatti immoo warra akka Fara'oontu argama.

*"Ani humna koo si irratti agarsiisuudhafan ol si kaase. Warra akka qodaa dheekkamsaa ta'anii badiisaaf qophaa'an kanaaf."*

Roomaa 9:17 fi 22.

Isaan kana keessaa tokkollee galmees jireenyaa irratti hin caafamu ture. Galmeen isaanii hin jiru jechuu koo miti. Galmeen isaanii gosi tokko akka jiru nama hin shakkisiisu, garuu GALMEE JIREENYA KEESSA MITI. Kaayyoon jiraachuu isaanii macaafa isa hafe kana keessatti xiqqoo tuqameera garuu Caaffata Qulqullaa'oo lama dabalataan itti dabaluu dandeenya.

Fakkeenya 16:4,

*"Waaqayyo wanta hundumaa sababii uumeef qaba, warra jal'oota iyyuu guyyaa badiisaatiif kaa'e."*

Iyoob 21:30,

*"Akka namni jal'aan guyyaa badiisaatiif kaa'amee, hamma guyyaa dheekkamsaatti oolfame hin barree ree?"*

Qabiyyeen Sagalichaa garri kun hubachuuf sammuu namaatti waan ulfaatuuf, amantiidhaan fudhatamuu fi amanamuu qaba. Namoonni tokko tokko ibsa ani kaa'etti ni mufatu sababiin isaas olaantummaa Waaqayyoo isa WAAQAYYO WAAQAYYON ta'uu isaa ibsu hubachuu waan dadhabaniif, Inni Waaqayyo waan ta'eefis homtinuu yaada Isaa mo'uu ykn fedhii fi kaayyoo isaa fashaleessuu hin danda'u; garuu Inni hunda danda'aa waan ta'eef dhimma HUNDA irratti aboo qabaachaa jira, uumama isaa hundumaan waan fedhe gochaa jira sababiin isaas hundi isaanii akka fedhaa fi jaalala Isaatti waan uumamaniif. Kanaaf, akkuma Phaawuloos jedhu, "Waaqayyo suphee kutaa tokko irraa, qodaa mana taa'uuf qodaa lagootti itti hojjetamu dha'uudhaaf aboo qaba mitii ree?" Inni uumama irratti kana gochuuf mirga akka qabu haaluu hin dandeenyu. Inni garuu kana irra kan caalu iyyuu godheera, sababiin isaas akka Roomaa 14:7-9 jedhutti, Yesuus gatii guutummaa biyya lafaa akka kaffale ragaa hin haalamne qabna, kanaafuu Inni warra kan Isaa ta'aniif waan fedha Isaa gochuu danda'a.

*"Nu keessaa tokko illee akeeka ofii isaatiif hin jiraatu; tokko illees akeeka ofii isaatiif hin du'u."*

*Yoo jiraanne, akeeka gooftichaatiin jiraanna, yoo duunes akeeka gooftichaatiin duuna; egaa jiraannus duunus nuyi kan gooftichaa ti."*

*Gooftaa warra du'aniif warra jiranii ta'uudhaaf, Kiristos du'ee deebi'ee jiraate."*

(Abbummaa; asitti hariiroo jechuu miti.)

Kunis Yohaannis 17:2 irratti ibsameera.

*"Akkuma ati foon qabeessa hundumaa irratti aboo isaaf kennite, inni immoo warra ati isaaf kennite hundumaaf jireenya bara baraa haa kennuuf."*

Amma Waaqayyo waan hundumaa akka beeku yoo in amanne, ogummaa fi qajeelummaadhaan guutuu ta'uu isaas fudhachuu qabna. Karoorri isa tokko fo'achuu fi isa kaan dhiisuu kun ogummaa Waaqayyoo bara hundumaa keessatti mul'ateedha, akkuma Efesoon 1:3-11 keessatti dubbatame,

*"Waaqayyoof, abbaa gooftaa, Keenyaa Yesus Kristos isa karaa Kristos eebba hafuura hundumaan, waan waaqa irraatiinis nu eebbiseef galanni haa ta'u!"*

*Inni uumamuu biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullaa'an, warra isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf, jaalalaan karaa Kristos nu fo'ateera."*

*Waaqayyo, karaa Yesus Kristos ilmaan isaa taanee akka guddifamnuuf, akka fedha isaa isa gaariitti yaadaan nuuf qabeera."*

*Kunis guddina ayyaana isaa, isa inni ilma isaa isa jaallatamaadhaan nutti tolee nuuf kenne in galateeffachiisa."*

*Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kristos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna."*

*Ayyaanni inni ogummaa isaa fi hubannaa isaa hundumaan nu irratti dhangalaase baay'ee*

*dha.*

*Waaqayyo waan isatti gaarii fakkaate karaa Kristos itti yaadee of dura kaa'atee ture ammas dhoksaan fedha isaa kun nu biratti akka beekamu godhe.*

*Barri murame yeroo guututti, Waaqayyo akka ittiin fayyisuuf akeeketti, wanta bantii waaqaa keessa, wanta lafa irra jiru, wanta hundumaas harka Kristos jalatti walitti in qaba.*

*Waaqayyo wanti hundinuu akka akeeka isaatii fi akka fedha isaatiitti akka ta'u in godha; nus immoo akka inni yaadee qopheessee of duraa qabuuti, karaa Kristos fo'amneerra."*

Kanaafuu Waaqayyo warri maqaan isaanii kutaa Macaafa Jireenyaa Hoolichaa keessatti caafaman akka jiraatanii fi maqaa misirroo Isaa waan ta'aniifis akka hin haqamuu hin dandeenyetti wixineesse yoo ta'e, sana fudhachuu qabna. Akkasumas warri maqaan isaanii galmee Macaafa Jireenyaa keessatti caafamee garuu duraan dursee beekuu Waaqayyoo keessatti kufanii waan argamaniif maqaan isaanii haqamuu qabu akka jiranitti yoo wixines sana fudhachuu qabna. Akkasumas warri maqaan isaanii galmee jireenyaa irratti GONKUMAA hin caafamin yoo jiraatan, isas fudhachuu qabna. Akkasumas firdii Teessoo Adii booda warri gaaruummaa, arjummaa fi qajeelummaa warra Waaqayyo fo'ate warra obboloota Isaa jedhamanitti agarsiisuu isaanii qofaaf gara jireenya bara baraatti galan yoo jiraatanis, sana fudhachuu diduu hin dandeenyu. EENYUTU YAADA GOOFTICHAA BEEKA? EENYUTUS ISA GORSUU DANDA'A? Kanaa mannaa Isa Abbaa keenya ta'eef amantiidhaan bitamnee haa jiraanu.

Dhimma kana caalaatti qulqulleessinee hubachuuf amma ilaalcha waldaa guutummaa baroota keessaatiin itti dhi'aachuun ogummaa dha. Hanga ammaatti gama maqaa namoota dhuunfaa haquutiin yaadaa turre. Amma namoota dhuunfaa osoo hin ta'in gareewwan waldaa keessatti qooda fudhatan ilaaluu barbaanna. Kana gochuuf waldaa guutummaa barootaa keessatti biqiltuu qamadii wajjin wal fakkeessina. Miidhaan qamadii kan facaafamu tokkoon tokkoon ija qamadii yeroo murtaa'e tokko keessatti adeemsa murtaa'e tokko keessa darbee dhumarratti akka of horuu fi of baay'isuufi. Sanyii tokkichi sun ni du'a, du'uu keessatti garuu lubbuun isa keessa ture gara biqiltuutti ol ba'a, biqiltuunis dabaree isaa baattuu ykn baattoo lubbuu isa bifa baay'inaatiin gara jalqabaatti deebi'uuf jiru sanaa ta'a. Yesuus Sanyii Mootii inni angafi ni du'e. Inni qixxee hin qabne sun, Inni jireenya ykn lubbuu waldaa ta'e sun waldaa baroota torban hundumaa gidduu dhaabatee jireenya Isaa waldaadhaaf (baattuudhaaf ykn baatoodhaaf) kennaa jira, kunis dhumarratti jireenyi Isaa dhagna akka dhagna Isaa du'aa ka'uu keessatti akka horuufi. Sanyiin Mootii sanyii mootii baay'ee akkuma Ofii Isaa ta'an kan argu guyyaa du'aa ka'uutti, isaanis guutummaatti akka Isaa ta'u, sababiin isaas Yohaannis "Nuyi akka Isaa in taana" jedha. Kun isa Yohaannis cuuphaan Yesuus qamadii gumbiitti walitti in sassaaba jedhee eeree ti. Sunis du'aa ka'uu isa warri furamanii jireenya bara baraa fo'aman itti galaniiti.

Amma egaa yoos, galmeen biqiltuu qamadii galmi isaa sanyii jalqabaa bifa heddumminaatiin omiishuu ta'e kanaa MACAFA JIREENYAA ti. Irran deebi'a: seenaan ykn galmeen biqiltuu qamadii kanaa Macaafa Jireenyaa yoo ta'u gamtokkoon Macaafa Jireenyaa (Macaafa Jireenyaa cinni tokko) Galmee JIREENYA BARA BARAA ti. Kunis haala amansiisaa ta'een kan hubatamu sanyii qamadii qorachuudhaani. Sanyii gogaatu facaafama. Xiqqoo turee baala tokkotu mul'ata. Garuu sun ammallee qamadii miti. Sana booda gara jirmaatti guddata. Kun ammallee qamadii miti. Jireenyi jira, garuu qamadii miti. Sana booda dhuma jirmichaa irratti gara hudhaa daraaruutti jijjiirama. Amma iyyuu biqiltuu qamadiiti, garuu ammallee qamadii hin taane. Sana booda biqiltuun sun polineeshiinii keessa darba, nuyis qola qamadii margu argina. Kun dhibbaa dhibbatti qamadii fakkaata garuu ammallee sanyii qamadii miti. Sana booda qamadiin qola qamadii keessaatti uuma. Amma gara isa jalqaba tureetti deebi'eera. Amma qamadii bilchaate ni sassaabama.

Yesus Kiristoos ni du'e. Lubbuu Isaa kenne. Lubbuun sun deebi'ee waldaa irratti bu'ee ilmaan Isa fakkaatan hedduu ulfina du'aa ka'uutti fiduuf ture. Garuu akkuma sanyiin qamadii sanyii qamadii baay'ee godhachuuf baattuu tokko qabaachuu qabu, akkasumas waldaan baattuu lubbuu Kiristoos taatu tokko jiraachuu qabdi turte. Akkuma baalli, jirmi, daraaraa fi qolli qamadii sanyii sanaaf baattuu turan malee ofii isaaniitii sanyii HIN TURRE, waldaan korporeeshiinii baroota hundumaa keessaas akkasuma baattuu SANYII dhugaa turte malee ofii sanyicha hin turre. Macaafi Jireenyaa GUUTUMMAA biqilaa muka QAMADIITI kan jechuu dandeenyufis kanaafi.

Mee sana irra deebinee gadi fageenyaan haa ilaallu. Sanyii jalqabaa kan dhaabame sun kunooti. Innis baala tokko godhate. Baalichis isa hin turre. Innis jirma tokko godhate. Innis isa miti. Kunoo qoloota qamadiin keessatti uumamuu qabantu dhufa. Innis isa miti. *Tassel* ykn algaatu mul'ata. SANA BOODA POOLENIIN PIISTILII IRRATTI HARCA'A. QAAMNI BIQILAA SUN JIRAATAA TA'A. WANTI WAAN SANYII JALQABAA TA'EE FI GUUTUMMAA BIQILICHAA KEESSAAN OL BA'E TOKKO GARA SANYIITTI JIJJIIRAME. Guutummaan biqiltuu maaliif gara sanyiitti hin seenne? Sababni isaas hanguma sanaaf waan uumameefi. Qaama biqilichaa keessaa waan xiqqootu gara sanyii ta'uutti deebi'uu danda'a sababiin isaas BIQILITAA QAMADICHAA keessaa waa xiqqootu QAMADII JIREENYA BARA BARAA TI.

Bara Israa'elonni Gibxiidhaa ba'anitti gaaggidduu wanta dhugaa kanaa argattu. Namoota ciccimoo gara miliyoona lamaatu ba'e. HUNDI isaanii aarsaa dhiigaa sanaan miliqaniiru. HUNDI isaanii Galaana

Diimaa keessatti cuuphamaniiru; HUNDI isaanii mu'achuu fi eebba Hafuura Qulqulluu gammadaa bishaan keessaa ba'aniiru; HUNDI isaanii nyaata ergamootaa nyaataniiru; HUNDI isaanii dhagaa isaan duukaa bu'e keessaa dhuganiiru. Ta'us garuu baay'ee muraasa irraan kan hafe habaqii turan, ijoollee isaan hordofanii gara biyya Kana'aanitti galuu qabaniif baattuu turan malee homaa hin turre. Israa'el hundi Israa'el MITI. Namoota baay'ee muraasa ta'an irraan kan hafe hundi isaanii maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa keessaa haqameera.

Nuyis har'as waldaa keessattis mirga wal fakkaataa qabna. Maqaaleen Macaafa Jireenyaa keessaa haqamuuf deemu. Maqaan Macaafa Jireenya Bara Baraa keessaa haqamu tokko iyyuu hin jiru sababiin isaas Macaafa Jireenyaa keessatti haa argamu iyyuu malee sun galmee biraati waan ta'eef. GALME SUN KANA: WAAQAYYO JIREENYA BARA BARAA NUUF KENNEERA, JIREENYI KUNIS ILMA ISAA KEESSA JIRA. NAMNI ILMA QABU JIREENYA (BARA BARAA) QABA NAMNI ILMA HIN QABNE JIREENYA (BARA BARAA) HIN QABU. Warri jireenya sana qaban immoo bu'uureffamuu biyya lafaa dura ISA keessa turan. ISAAN HUNDEEFFAMUU BIYYA LAFAA DURA ISA KEESSATTI FO'ATAMAN. SANYIIN MOOTII GUDDAA sun, Yesus Kiristoos, in dhaabame (Inni in du'e) jireenyi ykn lubbuun Isa keessa ture sun immoo karaa biqiltuu qamadii ol dhufee sanyii qamadii sonaan baay'ee kanneen jireenya isuma sana of keessaa qaban ta'ee wal horaa jira, akkasumas akka Orijiinaalaa ta'aa jiru sababni isaas karaa Hafuuraa isaan originaala dha.

Amma misirroon furtamte (abbaa qabeenyaa jalqabaatiin deebitee bitame) (akkuma Hewaan Addaam keessa turte isheenis Isa keessa turte) 'maqaan miseensotaa' ishee gonkumaa galmee irraa haqamu akka hin dandeenye hubachuu dandeenya. Isheen qaama Isaati. Teessoo irra jirti. Gonkumaa isheetti hin faradamu. Namni misirroo keessa jiru hundi miseensa Isaa waan ta'eef waan tokkollee hin dhabu. Sun garuu "namoota kaan hundumaa" warra Macaafa Jireenyaa keessatti argaman ilaalchisee akkas miti. Sababiin isaas isaan keessaa namoonni akka Yihudaa fi kkf kanneen galmee keessatti qooda qaban garuu maqaan isaanii haqame illee waan argamaniif. Warra bara dhumaatti maqaa Isaatiin hojiiwwan dinqiisiisoo hojjatanii Yesuus duratti dhi'aatan, Inni garuu gonkumaa akka isaan hin beekne dubbate ilaaluu dandeenya. Inni isaan quba hin qabu jechuu miti. Inni isa waan hundumaa beeku waan ta'eef sana quba qaba; isaan akka misirroo dursanii yaadaan hin qabamne; yookaan akka qajeelota du'aa ka'uu lammaffaa keessatti ka'aniittis dursanii yaadaan hin qabamne. Isaan firii tokkollee hin godhanne (sababni isaas isaan Dubbichaan ala waan turaniif—Isa keessa waan hin jiraanneef) kanaaf murtiin du'aa isaanitti murtaa'e. Sana booda akkuma kanaan dura agarsiifnetti warri misirroodhaaf dhaabbatanii gargaarsaa fi jajjabina isheef ta'an jiru. Warri sun maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa irratti hafee gara jireenya bara baraatti galu. Dhummarratti warri akka Fara'oon maqaa isaanii Macaafa Jireenyaa irratti gonkumaa hin caafamin jiru, isaan kunis kuufama ibiddaatti darbatamu.

Kanaafuu iji qamadii biqilee midhaan sassaabamu ta'e waldaa kiristaanaati. Akkasumas akkuma biqiltuun qamadii hundi sanyii qamadii hin taane, akkasumas akkuma biqiltuun hundinuu midhaan sassaabamu hin taane, waldaanis akkasuma:—waldaan hundinuu misirroo miti, akkasumas hundinuu jireenyi bara baraa hin argatan, GARTOKKEEN isaa gara gumbiitti walitti qabama, GAMTOKKEEN isaas du'aa ka'uu isa lammaffaa keessatti gara jireenya bara baraatti akka galuuf ni eegama, GAMTOKKEEN isaas kan akka habaqiitti lakkaa'amu immoo kuufama ibiddaa keessatti ni gubama.

Yohaannis qamadiin ni sassaabama, habaqiin isaas ni gubama jedhee waan dubbateef, wanti Yohaannis cuuphaa fi Yesuus jedhan sirriitti kanuma. Yesuus, "Inkirdaada walitti hidhaa, sana booda qamadii walitti qabaa" jedheera. Sochiin ikuumeenikaalii waldoota inkirdaadaa walitti ni hidha, sababiin isaas inkirdaadi DURA walitti hidhamuu qaba, dhumni isaanii gubachuu ta'us, yeroo walitti hidhamuu isaaniitti hin gubatan yeroo boodaatii kaa'amu malee, kunis dhuma waggoota kumaa ykn du'aa ka'uu isa lammaffaati. Garuu inkirdaadi walitti hidhamee dhumnaan ol butamuun raawwatamuu danda'a akkasumas yeroo walitti hidhamuu fi mul'achuu mormituu Kiristoos gidduutti ni raawwata. Sana booda guyyaan HUNDINUU akka Daani'eel keessatti mul'atutti walii wajjin dhaabbatan ni dhufa. Mootichi misirroo Isaa wajjin achitti argama, isaan duras tuuti sonaan baay'een firdii fudhachuu ni argamu. Eeyyee. HUNDI isaanii achitti argamu. Macaafonni hundi ni banamu. Aangoo irraa kaafamuun HUNDAA inni dhuma ni taasifama. Dhuguma sassaabbiin midhaanii ni xumurama. Macaafonni yeroo tokko banaman ni cufamu.

Mata duree kana irratti dhimma yeroo kanaan wal qabatu xumuruu koo dura, mee yaadan jalqabarratti kenne tokko tuquun yaala, innis Gooftaan YEROO AMMAATTI galmee maqaa qindeessaa akka jiru Caaffanni Qulqullaa'aan ragaa ba'u tokko illee akka hin jirre isan dubbadhe dha. Dhugumas immoo akkasuma. Haa ta'u malee Caaffanni Qulqullaa'aan tokko kan galmee gara fuulduraatti ta'u akeeku jira. Innis Macaafa Faarfannaa boqonnaa saddeettamii torbaffaa keessa jira. Faarfannaan kun waa'ee isa Gooftaan maqaa warra Xiyoon keessatti dhalatan hundumaa barreessuu dubbata. Waaqayyo nama Xiyoon keessatti dhalachuu danda'u hundumaa beekuuf hanga dhuma barootaatti ykn hanga dhuma yeroo Xiyoonii wajjin hojjechuu qabuutti eeguu qaba jedhanii tilmaamuun gonkumaa hin danda'amu. Ammas, sun silaa beekaa waan hundumaa ta'uu Isa hanqisa ture. Inni dhugaatti namoota lakkoofsa sana keessaatti hammatamuu qaban hudumaa ni beeka. Galmeen sun maali ree? Inni salphaadhummatti galmee haaraa macaafa fooyya'ee isa Waaqayyo salphaadhummatti maqaalee warra du'aa ka'uu lammaffaa booda hafanii fi Xiyoonii wajjin hidhata qaban itti caafudha mitii? Dhugumatti, sun isa dha.

"Abbaa koo duratti, ergamoota isaa durattis maqaa isaa waamee kan koo ta'uu isaa nan beeksisa."

Waamicha maqaa waaqarraa! "Namni erga du'ee deebi'ee in jiraataa ree? Hamma inni na furu (na jijjiiru) dhufutti, baran dadhabbiidhaan lafa irra jiraadhu hundumaatti isa nan eeggadha; ati hojii harka keetii in yaadda; kanaafis ana in waamta, anis nan owwaadha." Angafni Tiksee hoolotaa hoolota Isaa maqaadhaan waamaa jira. Sagaleen Waaqayyoo inni waan hin jirre uumu sun biyyoo lafaa keessaa isaan waamaa jira ykn osoo fooniin hin du'in warra jiran immoo atoomota isaanii jijjiiraa jira. Kun Ol butamuu dha. Innis waamicha Irbaataa Cidha guddaa Hoolichaa fi misirroo Isaati.

Garuu waamichi maqaa ol butamu qofa miti. Achi iddoo du'aa ka'uu isa lammaffaa irratti, firdii Teessoo Adii guddaa irratti, maqaan namootaa Abbaa Isaa fi ergamoota Isaa duratti ni waamama. Egaa akka ogeessonni beekan natti himanitti, sagaleen sagalee hunda caalaa gurra namaatti mi'aawu sagalee maqaa nama sanaati. Namoonni uummata duratti maqaa qabaachuu baay'ee jaallatu. Uummata duratti galateeffamuu baay'ee jaallatu. Garuu yoo maqaan keessan Macaafa Jireenyaa keessa jiraatee ergamoota qulqullootaa duratti mul'achuuf achitti hafe, sagaleen mi'aawaan akka sagalee Waaqayyooti maqaa keessan waamu lafarratti hin argamne. Yeroon yummuu Yesuus, "Yaa Abbaa, isaan guyyoota lafarra jiraataa turanitti Maqaa Koo waamanii kan Koo ta'uu isaanii namoota duratti beeksisaniiru. Amma immoo Si duratti, ergamoota Kee waaqarraa durattis maqaa isaanii waamee kan Koo ta'uu isaanii nan beeksisa" jedhu itti dhageenyu guyyaa attam guddaa in ta'a.

*"Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u."*

Hafuurichi ammas bara kanatti dubbateera. Ammas Hafuurichi galmee waan bara biraatti dubbatee, nuyis illaallee darbinee dubbata. Galmeen sunis sirrii ta'uu isaa mirkaneessineerra. Barri biraas dhufee akkuma Inni in raawwatame jedhetti ta'ee darbe. Inni amanamaa fi abdiidachiise hundumaa raawwatu ta'uun Isaa gammachuudhaan garaan keenya akka utaaluu waan godhuuf, nu warra misirroo guyyaa dhumaa keessa ta'uuf abdiid qabnuuf sun jajjabina guddaa dha. Inni warra Bara Saardesiif amanamaa fi dhugaa erga ta'ee, bara keenya kanaafis akkasuma dhugaa in ta'a. Isaan ayyaanaa fi humna Isaatiin Isa biratti ni simatamu, Isaanis galateeffamuu erga ta'anii, nuis akkasuma ni taana. Kanaafis egaa, kottaa gara fiixaan ba'iinsaatti deemnee qilleensa irratti Gooftaa haa simannuu, bara baraanis Isaa wajjin haa jiraannu.



[www.messagehub.info](http://www.messagehub.info)

Kan Lallabame

**Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin**

"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7